

**YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI
NAMUMMAADAMEE BARNOOTA AFAANOROMOOFIOGBARRUU**

**XIINXALAQABIYYEEFI AKKAATAA RAAWWIWEEDDUU ASMAARII
GODINA ILUU ABBAA BOOR**

QORATAAN: INNIDAG ASMAAREE

**GABAASA QORANNOO ULAAGAA GAMISAAN DIGIRII 2^{FFAA} (M A)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUMAANIITIITTI MUUMMEE BARNOOTA
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTII F DHIYAATE**

**F ULBAANA, 2014 E.C
JIMMAA, ITOOPHIYAA.**

YUUNIVARSIITII JIMMAA
KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAAFI
NAMUMMAADAMEE BARNOOTA AFAANOROMOOFIOGBARRUU

XINXALAQABIYYEEFI RAAWWIWEEDDUU ASMAARII
GODINA ILUU ABBAA BOOR

QORATAAN: INNIDAG ASMAAREE

GABAASA QORANNOO ULAAGAA GAMISAAN DIGIRII 2^{FFAA} (M A)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSISUUTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE YUUNIVARSIITII JIMMAA KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUMAANIITIITTI MUUMMEE BARNOOTA
AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIF DHIYAATE

GORSAA: ASHANNAAFII BALAA Y (PhD)

F ULBAANA, 2014 E.C
JIMMAA, ITOOPHIYAA.

YUUNVARSIIITII JIMMAA

Kolleejjii saayinsii Hawaasaa fi namoomaatti

Muummee Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun gamisaan guuttachuuf mata duree: “Qabiyyeefi Raawwii Weedduu Asmaarii Godina Iluu Abbaa Booraa” Innidag Asmaaree Addaamuun qophaa’ee sadarkaa madaallii yuunvarsiiitiin kaa’e guuteera.

Maqaafi Mallattoo qorataa

Maqaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Koree Qormaataa

QoraaAlaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti Gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaffa(MA)

BAAFATA

QABIYYEE

FUULA

<i>BAAFATA</i>	<i>I</i>
GALATA.....	III
<i>HIKA JECHOOTAA</i>	<i>IV</i>
<i>AXEREERAA</i>	<i>V</i>
<i>BOQONNAA TOKKO: SEENSA</i>	<i>1</i>
<i>1.1 SEENDUUBEE QORANNICHAA</i>	<i>1</i>
<i>1.2. KA'UMSA QORANNICHAA</i>	<i>3</i>
<i>1.3. GAAFFILEE QORANNOOICHAA</i>	<i>5</i>
<i>1.4. KAAYYOO QORANNICHAA</i>	<i>5</i>
<i>1.4.1. KAAYYOO GOOROO</i>	<i>5</i>
<i>1.4.2. KAYYOO GOOREE</i>	<i>5</i>
<i>1.5. BARBAACHISUMMAA QORANNICHAA</i>	<i>5</i>
<i>1.6. DAANGAA QORANNICHAA</i>	<i>6</i>
<i>1.7. HANQINA QORANNICHAA</i>	<i>6</i>
<i>1.8. IBSA NAANNOO QORANNICHAA</i>	<i>7</i>
<i>1.9 QINDOOMINA QORANNICHAA</i>	<i>9</i>
<i>BOQONNAA LAMA SAKATTA'INSA BARRUULEE WALFAKKAATANII</i>	<i>10</i>
<i>2.1. AFOOLA</i>	<i>10</i>
<i>2.1.1 AF-WALALOO</i>	<i>11</i>
<i>2.1.2 WEEDDUU ASMAARII</i>	<i>12</i>
<i>2.2. BARRUULEE QORANNOO WAL-FAKKII</i>	<i>14</i>
<i>2.3. YAADIDDAMA QORANNICHAA</i>	<i>16</i>
<i>BOQONNAA SADIH: MALA QORANNOO</i>	<i>17</i>
<i>3.1. SAXAXA QORANNICHAA</i>	<i>17</i>
<i>3.2. IDDATTOOFI MALA IDDATTEESSUU</i>	<i>17</i>
<i>3.3. MEESHAALEE FUNAANSA RAGAA</i>	<i>18</i>
<i>3.3.1. AF-GAAFFII</i>	<i>18</i>

3.3.2. <i>DAAWWANNAA</i>	18
3.3.3 <i>MARII GAREE</i>	19
3.4. <i>QINDEESSAA FI QAACCESSA RAGAA</i>	20
3.5. <i>NAMUUSA QORANNICHAA</i>	20
BOQONNAA AFUR	21
4.1. <i>QABIYYEE WEEDDUU ASMAARII</i>	21
4.1.1 <u>Faaruu Waaqaa</u>	21
4.1.2 <u>Faaruu Dachee</u>	24
4.1.3 <u>Faaruu Gootaa</u>	26
4.1.4 <u>Faaruu siyaasaa</u>	27
4.1.5 <u>Faaruu Dinagdee</u>	28
4.1.6 <u>Faaruu Tokkummaa Cimsuu</u>	31
4.1.7 <u>Faaruu Bohaartii</u>	32
4.1.8 <u>Faaruu Of –eggannoo</u>	35
4.2. <i>AKKAATA RAAWWIFI WEEDDUU ASMAARII</i>	37
4.3 <i>TAJAAJILA WEEDDUU ASMAARII OROMOO</i>	43
4.4. <i>SADARKAA WEEDDUUN ASMAARII YEROO AMMAA IRRA JIRU</i>	46
<i>BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO</i>	53
5.1. <i>CUUNFAA</i>	53
5.2 <i>ARGANNOO</i>	54
5.3 <i>YABOO</i>	55
WABIILEE	60
<i>DABALEE A</i>	61
<i>DABALEE B</i>	64
<i>DABALEE C</i>	67

GALATA

Duraan dursee fooniif lubbuu koo walkeessatti eegee fayyaa naaf kennee har'aan na gahuu isaatiif Waaqa uumaa koon galateeffadha. Itti aansuun Qorannoo kana keessatti dadhabe Osoo hin jedhin yaada ijaarsaa naaf kennuun hanga yoonatti na cina kan jiranu gorsaa koo Dr. Ashennaafii Balaaytiif galata guddaan qaba. Sirna Barnootaa kana keessatti haammatamee Miindaa koo naaf kanfalamaa akkan baradhuuf carraa kana kan haala mijeesse Ministeera Barnootaa, akkasumas mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Ongaa nan galateeffadha. Odeeffannoo sassaabuuf dirree irra yeroo bahetti qorannoon kun kan mlkaa'aa deema jiru maqaan keessan duuba waraqaa qorannoo kanaatti qabatee kan jiru yeroo keessan aarsaa gootanii waan ana faana turtaniif galata guddaan isiniif qaba. Barnoota kana yommuun baradhus ta'ee qorannoo kana gaggeessuu keessatti jaalala ,qabeenyaa fi yeroo ani isaaniif kennuu qabu itti hir'isuu koo osoo nahin komatin, akkan milkaa'uuf carraaqii isaan naaf godhaniif haadha warraa koo aadde Muluu Makuraa, ijoollee koo Abeel Innidag, Hermoon Innidag, Yeroosan Innidag, obboleessa koo Gaashaaw Addemee galata Onnee koo irraa madden isiniif qaba. Walumaagalatti qorannoo kun akka milkaa'uuf qabeenya, beekumsaa fi yeroo keessan osoo hin qusatin deggarsa kanneen naaf gootan hundinuu baaka jirtanitti galata guddaan isiniif qaba.

Hiika jechootaa

Asmaarii = Nama sagaleesaafi masanqoo rukuchaa wal simsiisee weeddisu.

Deegaa = hiyyeessa /harka qalleessa

Dilloo =gogaa/kallee bosonuu kormaa

Fingillee =Araqee, qub-lamee, fira ganee

Haadha dhaabataa=haadha siinqee/haadha warraa

Labata= dhaloota haaraa

Masiinqoo= ximboo/meeshaa muziiqaa aadaa;

Kan muka, gogaafi eegee/ciraa fardaarraa tolfamu.

Murna= garee

Niitii=Haadha manaa/Haadha warraa

Odeefhimtoota = namoota odeeffannoon yookiin ragaan irraa argame

Qabeessa =sooressa/dureessa

Taamunii =saantima/neeraa/dumbulloo

Axereeraa

Mata dureen qorannoo kanaa 'Xiinxala Qabiyyee fi raawwii Weedduu Asmaarii goina Iluu Abbaa Boor' kan jedhudha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyee fi raawwii weedduu asmaarii Oromoo godina Iluu Abbaa Boor, aanaalee Aalleefi Diiduu xinxaluudha. Qorannoon kun gosa qorannoo ibsaa (descriptive Study) ta'ee, mala akkamtaa hordofee raawwatame. Maddi odeeffannoosaa sad. Iffaa yammuu ta'uu namoota ogummaa asmaarummaa qabanuufi maanguddoota waa'ee weedduu asmaarii hubannoo qabanudha. Iddattoo miti-carraa keessaa akkayyoo (purposive sampling) fayyadamuunaanaalee lamaan keessaa asmaaroota afuriifi maanguddoota kudha lamairraa odeeffannoon funaanamera. Meeshaaleen odeeffannoo af-gaaffii, daawwannaafi mariigareeti. Qorannichi qixa yaadiddamoota tajaajilaafi galumsaatiin gaggeeffame. Odeeffannoon funaaname haala qaacceessa ragaa qulqulleeffataatiin qaacceessamee ibsame. Weedduun asmaarii, gosa weedduu aadaa yeroo rakkoo fi qannoo kan nama bashannansiisuufi gadda nama irraanfachiisudha. Sababiin qorannicha gaggeessuuf qorataa kakaaseyeroo ammaa weedduun kun dagatamaafi akka boodatti hafummaatti ilaalamaa jira. Qawwaa kana duuchuuf qabeenyaan hawaasaa bu'a qabeessaa ta'e kun kunuunfamuun dhalootatti daddarbaa akka deemu gochuun barbaachisaa ta'uu hubachuudha. Kaayyoon Qorannoo kanaa Qabiyyee fi raawwii Weedduu Asmaarii Godina Iluu Abbaa Boor, aanaa Aalleefi Diiduu xinxaluudha. Weedduun asmaarii qabiyyee hedduufi raawwii hawwataa qabaachuu, qabeenyaa fokloorii hawaasa Oromoon qabu keessaa tokko ta'uufi faayidaan isaa guddaa ta'uu, sababoota garagaraatiin dagatamaa jiraachuunsaa adda baheera. Kunis qaama ilaallatuun xiyyeeffannaa barbaachisuu kan hin argannee ta'uu mul'isa. Furmaanni qorannoo kana keessatti eerame gabaabinaan; xiyyeeffannaan itti laatamee, hubannoo uumuufi bu'aa weedduun kun qabu mul'isuu, kanas barreeffamaan ka'aanii dhaloota dhaalchisuun kan barbaachisu ta'udha.

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Fooklooriif yeroo adda addaa hiikni adda addaa kennamaa tureera. Fooklooriin dirree qorannoo adda addaa keessatti hiika adda addaa qabaachuu isaati. Dorson (1972) akka ibsutti, fooklooriin kitaaba ‘fooklore’ and “folklife” jedhu keessatti iddoo afuritti qoodee dhiyeesse. Isaanis, wanta aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii sochii hawaasaafi og-afaanii. Akaakuun arfan kun qorannoof akka toluuf hIRaman. Fooklooriin gosa ogumaa ta’ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa ogafaaniin dhalootaaf kan dabarsan keessaa tokkodha. Namoonni hunduu addunyaa kanaaf ilaalcha garaa garaa qabachuu isaanii, yaadrime isaa rakkisaafi ulfaataa ta’uu isaa, hiikkaaleen amma ammaatti kennamaniif baay’ee akka ta’e ibsa.

Faayidaan fookilooriin jiruufi jireenya hawaasa tokko keessatti qabu heddu akka ta’e beektonni og- barruu adda addaa ni ibsu. Beektonni kunniin fookilooriin hawaasa tokko gama hawaasummaatiin, siyaasaatiin, aadaatiin seenaatiin... ilaalchisee faaydaa heddu kan qabu ta’uu eeru. Fookilooriin dhaloota darbeefi Kan ammaa riqicha ta’ee walqunnamsiisa. Kana jechuun hambaalee Bara durii turaniifi jiran dhalootahar’aatti agarsiisuun maalummaa umatichaa walittifida. Misgaanuu (2011, 12) “Fookilooriin madda ragaati. Kunis qorannoowwan aadaa, duudhaafi haala ummata tokko keessatti bifa madda ragaatiin waan dhiyaatuuf ummata madda ragaa barreefamaa hin qabneef madda qorannoo ta’ee ni tajaajila.”

Finnegan (1976) Fookilooriin saayinsii gooroowwan kan akka aadaa, amantaa, barsifata, oduu, gocha, sabirii dhabuu, mammaaksa, jechamoota, sirbaafi kanneen, kana fakkatan kan adda baasuu ta’uu isaa ibsiti. Gooroowwan fookiloorii arfan kan ta’an artii hawaasaa, wanta aadaa, duudhaa hawaasaafi afoola yoota’an kanneen keessaa afooli akka Malaakneh (2003; 3) ibsutti “oral literature refers to verbal heritage of man kind transimitted from generation to generation by word of mouth” jedha. Kana jechuun afoolli meeshaa dhalli namaa dhaamsa yookan seenaa dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsu ta’uu isaati. Afoolli ibsituu aadaafi calaqistuu eenyummaa umataati jedha. Zarihun (1992:28) akkajedhutti, “gosoondi afoolaa baay’eedha, Yaata’u malee bakka gurguddoo lamatti hirree laaluu nidanddeenya. Tokko bifa hololootiin kan dhiyaatu yoota’u, lammaaffaan ammoo bifa walalootiin dhiyaatanii kan weeddifamani” jechuudhaan kaa’e. Gama afwalaloofi hololootiin waa’ee gaddaa, gammachuu, faaruu amantii, faaruu loonii, weedduufi kankana fakkaatu ibsamaa ture. Weedduun asmaariis kana keessatti qooda olaanaa qabaachuu hubachu dandeenya.

Seefuun (2008), Dorson (1972 :20) wabeeffachuudhaan fookloriin bakka gurguddoo afuritti akka qoode, isaanis: afoola (oral litreture) barsiifata hawaasaa (folk custom), meeshaa aadaa (material culture) fi dalaga artii dudhaa (performing folk art) jedhamu jechuudhaan ibsa. Aadaa hedduu uummatni Oromoo qabu aadaa nyaataa, aadaa uffannaa aadaa hojii, aadaa sirbaa, aadaa fuudhaa fi heerumaa aadaa waaqeffannaa fi kanneen hafaniidha

Uummatni Oromoo mal'attoo eenyummaa; aadaa, seenaa dudhaa, falaasama, jiruu fi jireenyaa, beekumsa isaa itti ibsatu yookaan ittiin beekamu fooklorii mataasaa qaba. Fookloriin Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuuf akka qabeenyaa guddaatti kan ilaalamuudha. Fookilooriin uummata Oromoof aadaa, ilaalcha, amantii, safuu fi sona isaa hunda ittiin ibsachuuf, labata haaraaf ittiin dabarsuuf muuxannoo fi beekumsa walgonfachiisuuf akka meeshaatti kan tajaajiluudha. Akka Mangashaan (1992:11-12) ibseetttti Fookloriin Oromoo wantoota afaaniin darban muuziqaa, Oguma(wisdome) keesumattuu mammaaksaafi jechamootni yaada miira eenyummaa fi hambaa seenaa isaa akka ibsanii dandeessiseera. Kunis karaa itti sabni Kun addunyaa hubatuufi hiikkatu, akkasuumas sonaafi amantaasaa ibsatu ta'u hubachisa.

Mataduree qorannoo kanaatiin walqabatee aartii hawaasaatti kan ramadamu Weedduun Asmaarii, kan yeroo cidhaa, guyyaa gabaa fi manneen dhugaatii adda addaatti namoota bohaarsuuf, gaddaafi gammachuu ibsuuf, kan du'eef isa jiru faarsuun firootaafi namoota irraa qarshii/galii argachuuf weedduu weeddifamuudha. Qoqqoodinsa fookiloorii Afoola jalatti raagoon (oral narrative) qareeyyiin (witticism), afwalaloon (oral poetry) fa'an hamatamanii argamu. Dorsan (1972,2) Fekade (1991,13). Fookilooriin faalasama dhala namaa jirufi jireenya isaa keessatti dalagu ta'ee, beekuummata ogafaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuudha.

Og-walaloon yaada tokko miidhaksee, guddiseefi olkaasee bifa muuziqaan kan dhiheessu yaada bal'aadha. Ogwalaloon yaada bal'aa kana garuu yeroo dhiheessu jechoota muraasaafi ergaa bal'aa dabarsuu danda'anitti fayyadamuudhaani. Ogwalaloon hojiin walaloo tokkoo miira namaatti yookiin immoo qaama namaa keessaa gurra namaatti akka dhihaatuufi miira akka qirqirsu taasisee kan dhiheessudha. Og-walaloon karaa itti miira keenya of keessaa baasnee ibsannuufi muuxannoo keenya yookiin muuxannoo hawaasaa jechootaan bifa qindaa'een baasnee ibsinudha.

Walumaagalatti, Og-walaloon, ilaalcha, miira, yaada, muudannoofi muuxannoo keenya jechoota muraasaafi ergaa bal'aa dabarsuu danda'anitti fayyadamne karaa ittiin dabarfannudha. Akka kanaa ol ibsameetti afoolli (ogafaan) fookloorii keessatti kan hammatamu ta'ee, hawaasini kalaqatti fayyadamuufi tajaajila baay'ee kennu yookaan argatudha.

Faaruuwwan keessaa weedduun asmaarii gosoota fookiloorii armaan olitti eeraman keessaa afwalaloo (oral poetry) keessatti kan ilaallamuudha. Yaada kana Bukeenya (1994,85) yoo ibsu "oral literature impacts to the growing person use ful cognitive informative and affective skill which enable the person to life and to be useful members of a society" jedha. Akka yaada isaatti afoolli namni tokko mallattoo nuffii tokko malee hawaasa irraa akka baratuufi sammuu isaa akka gabbifatu isa taasisa. Gabbisni sammuu kun miseensi hawaasa tokkoo naannawa isaa akka beekuufi walitti dhufeenya gaarii akka qabaatu sadarkaa waan tokko hubachiisuu, guddisuu irratti gahee guddaa qaba. Haaluma walfakkaatuun Hinseenee (2010,3) faaydaa afoolaa yemmuu ibsu "afoolli ijoolleef barumsaafi beekkumsa afaaniif bu'aa guddaa qaba. Naannoo barsiisa, dandeettii waaqabachuu niguddisa, seeraafii miidhagina afaanii ni hubachiisa." Kanarraa kan hubannu ijoolleen danddeettii garagaraa akka horataniifi bilchina sammuu akka argatan kan gargaaruudha.

Weedduu asmaarii ilaachisee waa hedduu hubachuun ni barbaachisa. Fakkeenyaaf qabiyyeen weedduu asmaarii maal maal akka of keessatti qabatu, qabiyyee kanneen eessaa fidu (baru), akkamiin akka raawwatu, hawaasa Oromoo biratti yoom akka jalqabeefi qomoon adda bahee ittiin beekame akka jiruufi hin jirree qoratame bira gahaamun gaarummaa qaba

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo gaggeessuun beekumsa ilma namaa babal'isa, qorattoota biroof bu'uura buusa, wantoota rakkoo ta'aaniif furmaata eera. Haluma kanaan damee afoolaa kan ta'e, weedduun asmaarii qabiyyee maalii akka qabuufi akkamiin akka raawwatu, hawaasa Oromoo biratti fudhatama akkamii akka qabu, garaagarummaa asmaarii duriitiifi ammaa giddu jiru maal akka fakkaatu adda baasanii hubachuun barbaachisaadha. Akkasumas guddina weedduu asmaariitiif wantoota hudhaalee ta'aan bira gahaamna furamuu danda'u.

Weedduun Asmaarii yeroo fuudhaa fi heerumaa, yeroo gaddaa fi gammachuu, yeroo duulatti nama kakaasuu, yommuu roobni badee oongeen heddumatu, guddina biyyaatiif hojiitti nama

kakaasuu irratti daldala ho'aa akka daldalatamu naannoo manneen daldalaatti xiyyeeffannoo namaa harkisuuf akka weeddifamuu nibeekama. Dhaloonni haaraan asmaarummaa, akka aadaa duubaatti hafaatti ilaaluuniifi amantaa garaagaraa waliin walqabsiisuun 'kan hin ayyamammedha' jechuun hirraanfataamaafi jijjiiramaa akka dhufu ni taasiisa. (Sumner 1996) afoolli haala yeroon jijjiiramuu akka danda'u ibsa. Kunis, yoo xiqqaate haala lamaan jijjiiramu danda'a. Tokkoffaa barnoota saayinsiifi teknoolojiin kan dhufu yoo ta'uu, inni lammaffaan immoo hirmaattoonni raawwii ogafaanii yeroo ammaa aadaa duraan ture dagatanii isa keessa jiranitti of fakkeessuun haalaafi yeroodhaan kan jijjiiraman ta'uu mul'isa. Namoonni dur asmaarummaa hojjetanu erga dhiisanii bubbuluu isaanii ni mirkaneessu. Isaan kun akkuma warra kaanii yammuu du'aan boqotanuu beekumsa qabanu dhalootni itti aanuu irraa hin dhaalu taan achumaan baduu danda'a.

Weedduun Asmaarii haala miidhagaa ta'een namootuma naannootiin walaloonsaafi yeedaloonsaa kalaqame meeshaa aadaa naannoodhumatti tolfamuun qindaa'ee yeroo dheeraaf hawaasa ittiin boharsanu dha. Kun amma dagatamaa dhufu. Duraan abbaan warra masanqoo tolfatee, galgala galgala manatti weeddisaa maatiisaa boharsa. Isa ofii danda'u ilmasaa shaakalchisa ture. Yeroo ammaa garuu haalli kun hundi hirraanfataame maalummaan masanqoofi weedduu asmaarii, qabiyyee fi yoomeessisaa wallaalamaa jira. Xiyyeeffannaa dhabunsaa, qoratamee barreeffamaan achi ka'amu dhabuunsaa, qabiyyee barnootaa keessatti akka dameewwan afoolaa kanneen biroo hammatamu dhabuunsaa dhalootni haaraan qabeenya ogafaanii kana akka dagataa deemu taasiseera. Rakkoo kana immoo haala qabatamaa amma mul'atu irraa hubachuun nama hin rakkissu.

Sababiin qorannicha gaggeessuuf qorataa kakaase inni tokkoffaan qorataan bara 1985 barsiisummaan qacaramee gara aanaa Diiduu- Laaloo yommuu deemu naannoo sanatti namootni ogummaa asmaarummaa qaban jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti gahee olaanaa tapahachaa akka turan hubateera. Itti dabalaan bakka dhalootaatti aanaa Aallee, ganda Ongaa keessatti weedduun Asmaarii aadaa taphaa yeroo qannoo fi rakkoo nama bashannansiisuufi gadda nama irraanfachiisu akka tureefi yeroo ammaa aadaan kun dagatamaafi akka boodatti hafummaatti ilaalamaa jiru waan fakkaatuuf qorachuuf fedhii godhateera. Gama biraatiin akka hubannoo qorataa kanaatti hanga ammatti naannoo Oromiyaa kutaa kibba lixaatti mata duree kana irratti qorannoon afaan Oromootiin geggeeffame hedduminaan jiraachuu baatus, kan Zalaalam Abarraa 'Gada Jornal' keessatti qoratee Afaan lamaan (afaan Ingiliziifi afaan

Oromootiin) ibsee dhiheesse akka jalqabbiin jiru mul'isa. Garuu gara Kaaba Itoophiyaatti barattoonni sadarkaa barnootaa (PhD) mummee afaan Ingliiziifi afaan Amaaraatiin mata duree kanaan kan walitti dhufenya qabanu hojjatanii jiru.

1.3. Gaaffilee Qorannooichaa

Haaluma kanaan rakkolee arman olitti eeraman bu'uura godhaachuun irra caalatti qorannoon Kun ka'umsi isaa kan irratti xiyyeeffatu gaaffilee gurguddoo arman gadiittii dhiyaatan irratti.

1. Qabiyyeen weedduu asmaarii maal maal fa'i?
2. Weedduu asmaarihaala kamiin raawwata/dhiyaata?
3. Weedduun asmaarii Uummata Oromoo maal tajaajila?
4. Weedduun asmaarii Oromoo yeroo ammaa sadarkaa maalii irra jira?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

1.4.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoon Gooroo Qorannoo kanaa Qabiyyee fi Raawwii Weedduu Asmaarii Oromoo godina Iluu Abbaa Boor xinxaluudha.

1.4.2. Kayyoo gooree

1. Qabiyyee weedduu asmaarii adda baasuu,
2. Akkaataa raawwii weedduu asmaarii addeessuu,
3. Tajaajila weedduun asmaarii hawaasa Oromoo keessatti qabu ibsuu,
4. Sadarkaa waedduun asmaarii Oromoo yeroo ammaa irra jiru addeessuu.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun gaggeeffamuun; namoota gahee weedduun asmaarii hawwasa keessatti qabuu fi waa'ee isaa hin beekne akka hubatan godha. Weedduun asmaarii aadaa Oromoo barreffamaan dhaloota itti aanuuf dabarsuuf gargaara. Gsoota weedduu asmaarii yeroo itti weeddifamu waliin qindaa'ee yoo olkaa'ame dhaloota itti aanu shaakalsiisuuf gahee guddaa qaba. Dabalataan gosti afoolaa (Ogafaanii) kun akka kanneen biroo qophii meeshaalee barnootaa, keessattuu M/b sadarkaa 2^{ffaa} barnootaa Afaan Oromoo kutaa 9-12^{ffaa} keessatti akka qabiyyeetti yammuu dhiyaatu hinhubatamu. Kanaaf yoo qorannoon kun gaggeeffame

hamma tokko hubannoo dabala. Qorannoo kana booda dhimma kana irraatti gaggeeffamanuf ka'umsa ta'a.

Weedduu asmaarii kana yoo barreeffamaan qinda'ee olka'aame namoota dhuunfaa ykn dhaabbilee gara fuulduraatti afoola Oromoo irratti qo'annoo gageessuu barbaadaniif odeeffannoo bal'aa akka argataniif akka ka'umsaatti tajaajila. Akkasumas gosti afoolaa akkasii afaaniffaan labataaf darbu dhaloota haaraan hin shaakalamne taanaan baduu waan danda'uuf barreeffamaan qindeessanii olkaa'uun dhaloota haaraa dhufan barsiisuuf akka madda odeeffannoo tokkootti gargaara.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kiibba lixa Itoophiyaa, lixa Oromiyaa, Godinaa Iluu Abbaa Boor Aanaa Aallee -Diiduutti, gosa afoola Oromoo kan ta'e, weedduu asmaarii, qabiyyeefi raawwiisaa qaaceessuu irratti kan hojjetame dha. Sababnisaa akkuma bal'ina Godinichaa fi bal'ina saba isaatti Afoolli dudhaa jiruu fi jireenya saba Oromoo ibsu danuu dha. Hat'uu malee rakkina jiru kan akka hanqina baajetaafi haala yeroo irraa kan ka'e qorannichi gosoota afoolaa jiran keessaa weedduu asmaarii Aanolee godinichaa jiran 14 keessaa aanaa Aallee fi Diiduu gandoolii magaalaa lammaniifi kan baadiyyaa lama (Laaloo, Katoo-geellachoo, Gooreefi Ongaa-hoobee) irratti daanga'ee raawwatame. Weedduu warra kaan irraa kanan weedduu asmaarii filadheef, qorattoota hedduu biratti carraa gadifageenyaan qoratamuu waan hin arganneef. Qabiyyeeniifi raawwiin weedduu asmaarii Oromoo qoratamee ragaa barreeffamaan olkaa'uun irraanfataamee baduu irraa baraara waan ta'ef.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Yammuu hojiin tokko hojjetamuu, hanqinoonni nama mudachuu malu. Yammuu qorannoon kun gaggeeffamus rakkoowwan bu'aa qorannichaa hanga tokko hir'isuu danda'aanu mudatani jiru. Haqinaaleen kunneen; rakkoo humna ibsaafi intarneetii, kitaaba gahaa gama kanaan barreeffame dhabuu, namoota odeefhimtoota barbaadamanu yoomeesa barbaadamu keessatti hanga barbaadameen argachuu dhabuu, namoota ogummaa weedduu asmaarummaa qabanu baayyina barbaadameen argachuu dhabuufi vaayyasiin ragaa sassaabame gamisaanballeessuu fa'a. Qorataan dhiibbaa hanqinaaleen kunneen fiduu danda'aanuu xiqqeessuuf furmaata battalaa barbaade qorannoo kana gaggeesseera. Furmaanni battalaa

kunneenis;irra deddeebi'uun yaaluu,bakka jijjiruun waan barbaadamu iddoo argamu deemuun hojjechuu fa'i.

1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Aanaan Aallee fi Diiduu-Laaloo Kibba lixa Itoophiyaa, Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Godina Iluu Abbaa Booraa keessatti yoo argamanu, Finfinnee irraa 620km fi 654km gara lixa Oromiyaattii fagaatu. Aanaaleen lamman hanga bara 1998tti, maqaa Aanaa Aallee Diiduutiin waamamaa akka turan ni himama. Yeroo ammaa garuu anaalee of danda'oo lamatti addaan qoodamanii jiru. (Ragaa waajjira bulchinsa aanaa Aallee irraa argame) Jireenyi hawaasa aanoolii lammanii daran waliitti dhihaataa dha. Magaalaan aanaalee kanneeniis Goree fi Laaloo jedhamuun beekamu.

Akka ragaan ibsutti Kaabaan Aanaa Mattuu, Kibbaan Naannoo Kibbaa (Maashaa), Bahaan Aanaa Bachoo fi Dhihaan Aanaa Haluutiin fi Noonnootiin daangeffamanii waliitti aanuun argamu. Aanaaleen kunneen tajaajila hawaasummaa kanneen akka mana yaalaa, mana barumsaa, baankii, oolmaa daa'immanii fi dargaggootaa of keessaa ni qabu. Haalli qilleensaa naannoo kanaa jireenyaaf mijataa Kan ta'ee fi badda daree dha.

Akka kitaabni 'Seenaa Uummata Oromoo hanga jaarraa 16ffaatti' jedhu ibsuutti Oromoon Iluu Abbaa Boor ilmaan Oromoo Maccaati. Bakka Tuulamni jirus ni jira. Yeroo lafa babal'ifannaa Uummatni Oromoo gaggeessaa ture bara 1370 eegalee bisil Osolee irraa gara Odaa doggie dhufuun erga seera tumatanii booda Tuulamni hedduun gara kaabaa fi Giddugala Oromiyaatti yoo ol deebi'an ilmaan maccaa Godina Iluu Abbaa Boor keessatti akka hafan ni dubatama. Diiduun Ilmaan saglan Iluu keessaa isa tokkoodha. Qomoon Yaayyaafi Innawaawoo jedhamanu akka keessa jiraatanu qorataan odeeffateera.

Haalli jiruu fi jireenya uummata aanaalee kanneenii harka caalaan qonnaan bulaa fi daldalaa dha. Dabalataanis hojjetootni mootummaas kan keessatti argamanii dha. Hojjatoonni harki caalaan hojii funaansa baala shaayetiin, qonnaan bultoonni immoo gosoota midhaanii kanneen akka boqqolloo, bishingaa fi bunaa akkasumas kuduraalee fi fuduraalee adda addaa fi jimaa qoccoofi damma baay'inaan oomishu. Kanneen horsiisa beelladaatiin of jiraachisan fi naannoo magaalaatti immoo dafqaan bultoonni ni jiru.

Uummatni Oromoo Aanaalee kanneenii akkuma uummata Oromoo kaanii gaddaa fi gammachuu, xiiqqii fi qananii isaanii kan ittiin ibsatan afoola Oromoo fayyadamuudhaani. Yammuu dhiibbaan qaama bulchuun isaan irra gahu hunda mammaaksa, geerarsa, hibboo, fi weedduu adda addaa fayyadamuun quuqqaa qabanu ibsatu. As keessatti weedduun asmaarii shoora guddaa taphata. afoollan kanneeniin quuqqaa ibsachuuf qofa osoo hin ta'in ittiin wal bashannansiisaa ergaa ciccimaa akka dabarfatanu madden garagaraa ni ibsu. Haala kanaan beekumsi, aadaan, duudhaan dhalootaaf daddarbaa as gahe.

Turtii dheeraa an aanaalee lamman keessan tureefi iyyaaffannoo dursee taasiiseen kanan hubadhe, gootni gosa bineensa ajjeeseen sadarkaan kennameefii weedduu asmaariitiin ni faarsama. Niitiin ykn haati warraa goota akkanaa kabaja guddaa qabdi. Fakkeenyaaf dabaree bishaan lagaa waraabbachuu irratti haati warraa gootaa yoo booda dhuftees dura warra kaanii waraabbatti. Al tokko tokkoo olaantummaa agarsifchuuf bishaan jalaa booreessitee deemti. Yammuu sana hanga calaluutti eeganii waraabbatanii galu. Ala sana yoo abbaan warraa turuu haadha warraatti dheekkame, akka niitiin dhiiraa akkas goote itti kaastee, booree itti naqxi. Sana booda aariidhaan waan adamoof isa barbaachisu qoopheessee mana biraa fagaatee deema. Yoo carroome maqaasaa tolfatee asmaarootatti of beeksisa. Asmaaroonnis bakka deeman hundatti maqaasaa kaasani faarsu. Halli kun dursees akka tureefi yoom akka jalqabamee kan hin beeknee ta'uu maanguddoonni umurii waggaa 90 olii nidubbatu. Kun immoo, Asmaarummaan Oromoo biratti bu'uura hawaasummaa qabaachuu isaa ibsa.

Aanaalee kanneen keessatti maatiin tokkko qabeenyaa horatee qabuun faarfatama. Fakkeenyaaf, qotee gombisaa meeqa akka galfate, sangaa cimdii meeqa akka camadatu, fardeen akkamii akka yaabbatu, ilmaan akkamii godhatee guddisuu akka danda'u fi sadarkaa barnootaa inni qabuun walaloon qindeeffamee namoota biratti asmaariidhaan weeddifamaaf.

Amantaa ilaalchisee akka ammaa kana osoo mirgi amantaa hin eegamiin dura namootni hordofoota amantaa Ortoodoksiifi Musliima turan. Si'aana immoo amantaaleen biroo daddabalamanii namni amantaa barbaade hordofa. Kan sirba yookaan weedduu asmaarii hin hayyamnees jiru. Kun akka fudhatamummaan weedduun asmaarii isa duriirraa gad-bu'u kanneen taasiisan keessaa tokko ta'e haala amma mul'tu irraa hubachuun ni danda'ama.

Gandooliin aanaalee kanneen keessaa qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate guyyaa gabaa torbanii Ongaa, Goree, Gordammoofi Katoo-geellachoo fa'a. Guyyaa gabaa kana jiraattoonni baadiyyaa oomisha qabanu gabaatti baafachuun gurguratanii mana dhugaatii galuun takka bashannanii gara manaa galu. Warri magaalaa yookaan bakka gabaan jiru jiraatanu guyyaa gabaa sana daadhii naqanii, araqee baasanii nama mana isaanii dhufee bitatee dhugu eeggatu. Waliinis nidorgomu waan ta'ef, namni baayyeen gara mana isaaniitti akka goruf asmaariin waamame kadhatama. Dhufees weedduudhaan ho'isa. Mana asmaariin weeddisuu immoo dhaga'e kan itti goru ni baayyeeta.

1.9 Qindoomina Qorannichaa

Gabaasni Qorannoo kanaa boqonnaa shanitti qindaa'ee dhiiyaate. Boqonnaa tokkoffaa keessatti qorannichi haala salphaa ta'een akka hubatamuuf mata dureewwan kan akka: Seen-duubee qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooree qorannichaa, Barbaachisummaa qorannichaa, Daangaa qorannichaa, Hanqina qorannichaa, Rakkoo mudachuu dandaa'aniifi furmaataafi namuusni qorannichaa tu argamu. Boqonnaa lammaafaan sakatta'insa Barruulee walfakkii kan jedhu yammuu ta'u, mata dureewwan xixiqqaa (Afoola, Af-walaloo, Weedduu asmaarii, Yaadxina qorannichaa fi sakattainsa qorannoo walfakkii) jedhanu of keessatti kan haammateedha. Boqonnaa sadaffaan gabaasa qorannoo kanaa saxaxa qorannichaa, meeshaalee funaansa raga (af-gaaffii, daawwannaa fi marii garee), Qindeessaa fi qaaccessa ragaa kan of keessatti haammatuudha.

Boqonnaa arfaffaan ragaa sakatta'uu, ibsuu fi hiikuu kan jedhuu yammuu ta'u, kutaa 4tti qoodamee jira. Kutaan jalqabaa qabiyyee weedduu asmaarii, 2ffaan Raawwiifi yoomeessa Weedduu asmaarii, 3ffaan fudhatama weedduun asmaarii uummata Oromoo biratti qabuufi 4ffaan yeroo ammaa asmaarummaan sarkaa maalii irratti akka argamu kan namoonni jedhaniifi haala qabatamaa mul'atuun wal qabsiisuun agarsiisamera.

Boqonnaa shanaffaa fi inni xumuraa cuunfaa, argannoo fi yaadni furmaataa qabatee jira. Itti aansuun ragaaleen Odeefhimtootaa, Dabaleewwan A, B, C akkasumas wabiin ka'aamera.

BOQONNAA LAMA SAKATTA'INSA BARRUULEE WALFAKKAATANII

Boqonnaa kana keessatti waa'eenAfoolaa,Af-walaloo,Weedduu Asmaarii,Barruulee qorannoo wal-fakkiifi yaadiddamni qorannichaa wal duraa duubaan ibsamaniiru.

2.1. Afoola

Afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin gumaacha godha. Afoola fayyadamee hawaasni waa barsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa itti beeksifata, ittiin bashannana walbashanansiisa.Harr'a hawaasni bifa ammayoomeen seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuu keessatti dhakaa bu'uuraa ta'ee kan fayyedu beekumsa afoolaati (George, 1995).

Kana malees, afoolli haala addunyaa kanaa kan ittiin hubannu, haala jiruufi jireenyaa, haala uffannaa hundaaf akkaataa jireenya dhala namaa hunda tuttuqa jedha (Dundes, 1965) Waan darbee ragaa dhugaa, ilaalchisee Asaffa (2009) Yoo ibsu, akkuma daawitii keessatti of ilaallu kan faana jiru deebise calaqqisuu gochuu osoo hintaane akka ofilaalee cabaa fuula tolchuu isa tahes isa hintahiinis mul'isuu ta'a. Akka yaada kanatti wanti afoola hawaasaa jalaa dhokatu akka hinjirre ibsa. Kanamalees, afoolli aadaa, duudhaa fi safuu hawaasa tokkoo dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti afaaniifi gochaan daddarbaa kan dhufe, darbaa kan jiru akkasumas fuuladurattis kan darbu qabeenyaa saba tokkootti (Abarraa, 1999). Akka yaada armaan olii irraa hubannutti afoolli calaqqee jirufi jireenya hawaasaa ta'ee og-afaaniin labata tokko irraa gara labata birootti kan darbuudha. Waa'ee afoolaa yeroo ibsamu wanti dagatamuu hin qabneefi waliin ka'uu qabu keessaa inni guddaan amaloota afoolaati. Amaloonni afoolaa jiran keessaa jajjaboon umatummaa lufummaa, jijjiiramummaadha.

Wasanee (2001, f 170) "Afoolli kalaqa ilma namaan haa uumamu malee kan abaluuti jechuuf ragaan hin jiru. Kanaaf afoolli kan ummataati. Sababuma kanaan amala ummatummaa qaba" jedhama. Lufummaan haala ogafaan dhalootaa dhalootatti darbuun kan walqabatuudha Misgaanuu (2011:f.30) "Og-afaan bara kalaqamee eegalee hanga har'aatti osoo daddarbuu harra gahee jira.Dhaloota dhufuttis haaluma walfakkaatuun lufa"jedha.Yaad- rimee armaan oliirraa kan hubannu afoolli ummatummaan uumamee ummata yeroo sana qofa tajaajilee kan hin dhaabbanneefi gara dhaloota itti aanutti kan darbu ta'uu isaati.Inni dhumaamala jijjiiramaa (dynamic) afoolli qabuudha.Afoolli tokko afaaniin si'a darbu jijjiirama agarsiisuu

danda'a. Namni tokko waltajjii irratti afoola daawwattoota isaaf yoo dabarse, daawwattoonni isaa kunis wanta arganiifi dhagahan kana gara nama biraatti dabarsuu danda'u. Yeroo kana immoo itti dabaluu irraa hir'isuu waan danda'aniif afoolichi jijjiiramaa deema (Zarihuun, 1992: f 25). Akka yaada hayyuu kanaatti afoolli wanta afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbuuf jijjiiramaa deemuu isaa mul'isa. Fakkeenyaaf afoolli dhalootarraa dhalootatti yemmuu darbu jijjiirama qabiyyee, uunkaafii hiikkaa haala yoomesaa irratti hundaa'ee itti dabaluu yookan irraa gatamuu kan danda'u ta'uu isaa ibsa. Dabalataanis amala afoolaa ilaalchisee Getaachoo (2006, f 141) "Afoolli gochaan kan walqabatu ta'ee yeroo baay'ee gumiidhaan kan dalagamu akkasumas wantoota darbe irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaa ni ibsa. Afoolli Oromoo akkuma afoolakanneen biroo dhalootarraa dhalootatti kan darbu dubbii afaaniin yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jiruttidha. Keessattuu Kan afoola Oromoo adda godhu af-walaloon isaa kan yeedaloo faana darbu danda'an kan akka weedduu jaalalaa, cidhaa, sirba ateeteefi kkf yoo ta'u kan yeedaloon isaa ifatti bahee hinmullanne immoo kanneen akka oduu durii, hibboofi mammaaksa fa'i. Misgaanuu, (2011).

Qorannoo bal'aa kanneen geggeessan keessaa beekaa biyya keenyaa kan ta'e Zarihun (1992) waa'e ogafaanii akkas jedha, ogafaan hawaasa tokko keessati mudannoo uumamuun aadaa, barsiifataa fi seenaa garagaraa dabarsuuf keessumaayyuu hawaasa qubee qooqa jaraa uummatanii itti hin fayyadamne biratti karaan aadaa fi seenaa saba ofiii itti dabarsan walitti himuun, mammaakuufi weeddisuun akka ta'e ni ibsa.

Afoolli aadaa, amantaa, seenaa, afaan, falaasama, achii as dhuftee ilmaan namaa walumaagalatti haala jiruu fi jireenya hawaasaa of keessatti waan qabuuf hayyoonni hiika adda addaa itti kennu. Akka Barbeau (256-257) ibsutti mammaaksa mammaakuun, sheekoo himuun, ragadni, sirboonni aadaa, taphoonni aadaa, cidhi, kabajni ayyaanaa, walumaagalatti barsiifata, beekumsa, danddeettii, amaleeffannaafi ogummaa duraan turan dhaloonni duraanii keessatti jecha gochaa fi fakkeenya garaagaraatiin osoo hin dubbisiniifi hin barreessin dhaloota haaraatti dabarsuun afoola jedhama.

2.1.1 Af-walaloo

Akka Fnnegan (1976) af-walaloon hedduminaan kan beekaman weedduuwwan garaagaraatiin. Weedduuwwan kunneen yeroo irraa biliisa ta'aanii weeddifamu. Kunis, akka

inni baraan hin daangeffamneefi daangaa darbee kan deemu ta'uu isaa nu hubachiisa. Fekede (1998: f 10), "Oral poetry is enjoyable scope from, reality, scuh as in justice, disasters, poverty" jechuun ibsa. Kan jechuun af-walaloon dhugaa, hiyyummaafi wantoota hawaasaatti badiinsa fidan ibsa. Wasanee, (1984) faayidaan af-walaloo bashanansiisuuf, gaddaa fi gammachuu ibsuuf, xiiqqi keessatti uumuuf kkf gargaara. Kunis kan irratti hundaa'u amala qabiyyeefii dhaamsa inni dabarsuu barbaade irrattidha, Yoomessa walalichi ittiin dhiyaate irratti, haaluma walaloo sana irratti hundaa'uun tajaajiluu danda'a.

Af-walaloon haala garagaraatiin gosa adda addaatti qoodama. Kanneen keessaa gurguddoon kaayyoo isaa, hurubummaa isaa, yoomessa isaafi walaloo isaa irratti hundaa'ee haala tajaajila hawaasaa kennu irratti hundaa'uun qooddama. Andirizeeksi (1985, ff 410-14) Af- walaloon Oromoo "kan yeroo daanga'aniifii kan yeroon hindaangofne jedhee qooda. Af- walaloon yeroon hindaangofnee walaloo jaalalaa, amantii, ateetee...yoota'aanuu; Af- walaloon yeroon daanga'an ammoo walaloo faaruu loonii, faaruu boo'ichaa, faaruu goototaa...akka ta'an" tarreessa. Af-walaloo kana keessatti weedduun asmaarii kan hin ibsamne yoo ta'e illee weedduun kun yeroo daanga'e keessatti kan itti fayyadaman ta'uu hubachiisa. Yeroon daanga'e kunis gaafa cidhaa, yeroo mo'anii galan, guyyaa gabaa manneen dhugaatii irra deemuun kan sirbamuudha. Burqaan isaa Uummata Oromooti. Tafarii (2006) immoo Sumner (1996) eeruun bakka saddeetitti qoodee jira. Isaanis; walaloo jaalalaa, walaloo geerersaa (faaruu gootaa), walaloo hojii, Walaloo Amantii, walaloo guyyaa ayyaanaa, walaloo gadda, walaloo mirrisaa (bakka barbaadametti miira gaddaas ta'ee gammachuu kan ittiin ibsaniifi walaloo urursa daa'ima sossobuuf weddifamu faadha. Xiyyeefannoon qorannoo kanaaqabiyyeefi raawwii weedduu asmaarii Oromoo gosoota af-walaloo kanaa ol ibsaman hunda keessatti yoomeessa garagaraatiin akkaataa itti argamuu xinxaluun ibsuudha.

2.1.2 Weedduu Asmaarii

Asmaariin nama meeshaa muuziqaa aadaa asaanqoo jedhamun weellisuudha. Weedduun asmaarii namootni muraasni masanqoo fayyadamaa sagalee isaaniifi kan masanqoo walsimsiisuun kan weellisamuu yookaan faarsamu dha. Gosa weedduu aadaa ti. Asmaaroonnii yookaan namoonni ogummaa akkanaa qabanu bakka namni hedduun wal gaheetti argamuudhaan namoota Sana maqaadhaan faarsanii galii ittiin jiraatanuufi badhaasa garagaraa argatanudha.

Weedduun Asmaarii uummata Oromoo biratti bakka guddaa qaba. Weedduun kun Waaqa Uumaa itti galateffachuuf, dacheefi beelada farsuuf, mana cidhaa, guyyaa gabaa manneen dhugaatii keessatti, gammachuu ofii ibsachuuf, hiriya ofii faarsuuf, duulatti nama kakaasuuf

jaalala waliif qaban fi kan namootni waliif qaban ibsachuu, kabaja dhirsaafi niitiin waliif qabanu ibsuufi dhimmoota kana fakkaatanuf akka oolu muxxannoo jireenyaa koo irraa hubadheera. Kana irraa eenyummaa asmaarii Oromoofi faayidaa weedduu asmaarii hubachuun ni danda'ama. Abbaan warraa masanqoo/ximboo tolfatee, galgala galgala manatti weeddisaa maatiisaa boharsa. Isa ofii danda'u ilmaasaafaa shaakalchisaa ogummaa dhuunfaa godhatees kan ittiin jireenya isaa gaggeeffatu ta'uu namootni af-gaaffiin taasiisameef marti itti walii galaniiru.

Weedduun asmaarii yeroo fuudhaa fi heerumaa, yeroo gaddaa fi gammachuu, yeroo duulatti nama kakaasuu, yommuu roobni badee Ongeen heddumatu, guddina biyyaatiif hojiitti nama kakaasuu irratti daldala ho'aa akka daldalatamu naannoo manneen daldalaatti xiyyeeffannoo namaa harkisuuf kan weeddifamuu yookaan kan faarfamuudha. Caalmaatti asmaarummaan ariifatanii hanga liphsuu ijaatti walaloo uumuu fi haala namootni ykn dhaggeeffattootni keessa turan jijjiiruu waan qabuuf ija jabina barbaada jechuun odeef-himtootni af-gaaffiin dhiyaateef dubbataniiru.

Weedduun asmaarii haala miidhagaa ta'een namootuma naannootiin walaloonsaafi yeedaloonsaa kalaqame meeshaa aadaa naannoo dhumatti tolfamuun kan ximboo/masaanqoo jedhamuun qindaa'ee yeroo dheeraaf hawaasa ittiin boharsanu ta'uu hubatameera. Abbaan warraa masanqoo tolfatee, galgala galgala manatti weeddisaa maatiisaa boharsa. Isa ofii danda'u ilmaasaafaa shaakalchisaa.

Uummanni waliin jireenya isaa keessatti, gadda, gammachuu, jibba, jaalalaafi kan kana fakkaatu weedduutti fayyadamuun ergaa isaa dabarfata. Weedduun yookaan faaruun aadaa jaalala, komee kkf kan ibsuufi kanaafis humna olaanaa kan qabudha.. Weedduun yaada adda addaa ibsuuf cabsata sagaleetiin kan dhiyaatudha. Yaadrimee kana Gemechun (2003) yoo ibsuu, "weedduun wantoota aadaa uummata tokkoo calaqqisiisn keessaa isa tokkodha" jedh. Weedduun kan safara gabaabaa of keessatti hammatu ta'ee sirba garaa garaa sirbuuf gargaarudha. Finnegan (1976), weedduu qabiyyee isaa irratti hundaa'uun yoo ibstu: weedduujaalalaa, weedduu gaa'eelaafi weedduu jibbaa jechuun qoqqooddee jirti. Akkasumas Cimdiifi Selaamaawwit (2012) ibsanitti, weedduu gaa'ilaa, weedduujaalalaa, weedduu booyichaa, weedduu geersaa, weedduu ateetee weedduu waraanaa, weedduu qeeqaa, weedduu asmaariifi weedduu hojiifaadha. Gosoonni weeddu armaan oliitti eeraman kunneen qabiyyee, akkaataa raawwiifi yoomessa mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaf, weedduun gaa'eelaa yeroo cidhaaraawwatamudha. Weedduun gaddaas yeroo namni du'u mana booyichaatti yookaan bakka awwaalaatti raawwata. Weedduunhojii bakka

dabootti, geerarsi adda waraanaafi yammuu ajjeessaan ajjeesee galu, weeddifama. Weedduun asmaarii immoo bakka bashannanaatti, mana cidhaatti, adda waraanaatti, waltajjii garagaraatti, akka walii galaatti akkaataa barbaadamuun halkanis ta'e guyyaa weeddifama. Uummata seenaan isaa barreeffamaan carraa hinargatiin tureef kan akka uummata Oromoof bu'aa weedduun buusu akka salphaatti hin ilaalamu. Seenaa jechoota adda addaafi safuu keessatti dhimma itti baanu of keessatti gudunfee dhaloota dhalootatti dabarsa. Guddina afaanfis hedduu gumaacha.

2.2. Barruulee qorannoo wal-fakkii

Qorattoonni biyya alaafi biyya keessaa waa'ee weedduu asmaarii qorataniiru. Qorannoon isaanii kan mul'isuu akka adduunyaatti masanqooniifi asmaariin kan beekamu biyya Itoophiyaa akka ta'edha. Xiyyeeffannaan jaraa garri caalu gara Kaaba Itoophiyaa (Gondarii Walloo) akkaataa raawwii, yoomeessaafi asdhufa asmaarummaa irratti dha. Afaan ittiin qorataniis Afaan Ingliiziifi Afaan Amaaraati. Tokko tokkoo asmaariin naannoowwan Tigraay, Amaaraafi Oromiyaa keessatti akka argamu ibsuu yaa yaalanu malee waa'ee asmaarii Oromoo irratti waan jedhan badaa hin qabanu. Zalaalam Abarraa garuu Barruulee Gadaa (*A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University*) keessti mata duree qorannoo '*The Repertoires and Social Roles of Oromoo Asmaarii's Performance*' jedhuun Qabyyee ogbarruu walaloota weedduu asmaariifi bashannana sabaaf kennanu, dhiibbaa inni Afoola Oromoorratti qabuufi shora inni hariiroo hawaasumma irratti xabatu, kan baha-fagoo waliin waldorgomsiisee walaloo weedduu asmaarii Oromoo afaan Oromoofi afaan Ingliizitiin wal cinaa kaa'ee, afaan Ingliizitiin addeessee dhiheessee jira. Maalummaa asmaariifi gahee jireenya hawaasummaa Oromoo keessatti qabu yagguu ibsuu; asmaariin nama waliin jireenya hawaasa Oromoo kessatti dhiibbaa uumu, karaa weedduu aadaatiin bashannansiisu, walaloofi yadaloo kalaquu danda'udha. Asmaariin weedduusaa keessatti hojii gaarii jajjabeessa, Nagaa labsa, nama araarsa. Dadeetti afaanis ni guddisa.

Qorannoon kun kan Zalaalam Abarraa irraa madda raga Iffaa fayyadamuufi qabiyyee dabalataa qabaachuutiin adda ta'a. Dabalataan weedduun asmaarii yeroo ammaa maal irra akka jiru, garamitti akka adeemaa jiru, Zalaalam hin ibsine. qorannoon Zalaam afaan lamaan ta'uunsaa adaa Oromoo addunyaa beeksiisuufi qorattoonni biroof karaa yoo saaqe illee,

Qorannoon kun immoo ibsi isaa afaan Oromootiin ta'uunsaa akka hawaasichi waa'ee qabeenyaa ofii sirriitti hubachuun itti fayyadamuufi kunuunfachuu danda'u taasiisa jedhame yaadama.

Akka Aster Muluu qorannoo ishee digirii sadaffaa guuttachuuf Asmaarii Naannoo Amhaaraa Godina Walloo irratti qorachuun ibsitetti. Jecha 'Azmaarii' jedhu yaad-rimee isaa barbaaduuf ragaawwan kallatti sadii irraa akka argatte agarsiisteetti..Kanas akkaataa barreessitootni ibsanitti,ibsa namootni asmaarii hin taane kennaniin fi asmaarota mataa isaanii irraa hiikota kennamaniidha.Hiika Asmaarii barreessitootni kennan.Shelemay and Jeffery (1997) wabii godhachuun akka ibsitetti "asmaariin qooqa babbareedaa fayyadamuun akkasumas ogummaa gadi fagoon walaloo fi yeedaloodhaan gareewwan weeddisaniidha jette.Ibsa kana irraa kan hubatamu Asmaarii jechuun garee hawaasaa kan weeddisanuudha".Akka ibsa lammaffaatti, Powne (1968, f .61) wabeeffachuun «*The Azmari is the singing gazelle of Ethiopian a remarkable feature of the Musical scene in the traditional highlands*»jette.

Dabalataan amala asmaarummaa irraa ka'uun asmaariin nama dhuunfaan qofaa isaa ykn gareen namoota dura dhaabbachuun weeddisuun nama bashannansiisu jechuudha akka jedhan ibsiteetti. Akka ibsa sadaffaatti kan isheen ibsite. "Asmaarii jechuun, taphataa, galateeffataa, bashannansiisaa akkasumas ogummaa asmaarummaatiin jireenya isaa kan gaggeeffatuudha" jetteetti.Aster Muluu argannoo ishee keessatti Asmaariin garee hawaasaa tokko naannoo tokko uummatee qofaatti kan jiraatuu fi hojii ijoo godhatee asmaarummaa kan hojjetu akka ta'e ibsiteetti.

Qorannoo kana keessatti garuu asmaariin sanyii ykn qomoo qofaatti bahee jiraatu osoo hin taane maatiiwwan garaagraa keessaa namoonni fedhii fi danddeettii qaban hojii qonnaa hojjetanii of jiraachisan cinatti guyyaa gabaa fi guyyaa cidhaa bakka sana deemuun kan weeddisu.

Qorannoo Asteeriin gaggeessiteefi kan koo kun darbee darbee kan waliitti dhufeenya qabu ta'uus, kaayyooniifi qabiyyeen, afaan ittiin gaggeeffamee, hawaasni keessatti gaggeeffameefi aadaan garaagara waan ta'efadda addadha. Kan warra kaanis yoo ilaaltee (*The One-Stringed Fiddle Masingo: Its Function and Role in Contemporary Ethiopia and its Future by Timkehet Teffera (Indipendet Scholar),Major Themes and Performance Styles of Azmari Lyrics in Gondar ByTigist Girma...*) kana irraa kan fagaate miti.

2.3. Yaadiddama Qorannichaa

Gosoota yaadiddama qorannoo saayinsii Hawaasaa keessatti daran beekamoo ta’an Fileen (2019, ff 23-38) beektoota garagaraa wabeeffachuun hedduun akka jiranuufi haala kam kam keessatti akka fayyadanu ibsee jira. Yaadiddamoonni qorannoo qabiyyeefi raawwii weedduu asmaarii kana keessatti kan fayyadan gosoota yaadiddama Tajaajilaafi Galumsaa ta’u. Kanas yammuu Fileen (2019, f 27) ibsuu, “Yaadiddamni Tajaajilaa faayidaalee wanti tokko jiruufi jireenya uummataafi biyyaa keessatti qabu qorachuudhaaf gahee olaanaa qaba.” jedha. Itti aansees, Bauman (2005) wabeeffachuun, “Yaadiddamni Tajaajilaa biyya Awurooppaatti eegale kun qorannoo aadaa hawaasa tokko keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuufi walitti dhufeenya hawaasicha Sanaa daran kan cimsu akka tahe ibsa.” jedha. Gama biraatiin Yaadiddamni Tajaajilaa adeemsa sirnootaafi ayyaanoota adda addaa, faayidaa isaa, gahee meeshaaleefi afoolli hawaasichaa sochii aadaa sana keessatti qaban, akkasumas, hirmaannaa hawaasaafi fedhii hawaasichi aadaa isaaf qabuufi faayidaa aadaan uummata tokkoof qabu qorachuuf akka gahee olaanaa qabu ni ibsa.

Yaadiddamni galumsaa gosoota yaadiddamootaa kessaa tokko ta’ee, kan waa’ee afoolaa qorachuu keessatti kallattii namatti agarsiisu ta’uu beektoonni garagaraa ibsaniiru. Yaada kana ilaalchisee Fileen (2019 :31) yammuu ibsuu; “Yaadiddamni galumsaa mammaaksa, geerarsaa, geelloo, weedduufi haaldubbwwan biro (*pragmatic genres*) qorachuu irratti qorattootaaf hubannoo guddaa keenna.” jedha.

Qorataan Qorannoo kanaas Yaadiddammoonni Tajaajilaafi Galumsaa kunneen waliitti dhufeenyaafi hariiroo cimaa mata duree qorannoo qoratichaa ‘Qaacceessa Qabiyyeefi raawwii Weedduu Asmaarii’ jedhu wajjin qabu jedhee waan yaadeef xiyyeeffannoo keessa galchuun raawwadheera.

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Boqonnaa kana jalatti saxaxa (mala qorannoo), iddattoo fi iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa (kanneen akka daawwannaa, afgaaffii, marii garee), qindoominaafi naamusa qorannichaatu duraa duubaan ibsamee argama.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Gosti qorannoo kanaa Qorannoo ibsaa (Descriptive Study) dha. Kunis qabeenyaa hawaasa kanaa kan ta'e 'Qabiyyee fi raawwii Weedduu Asmaarii' ibsu irratti kan xiyyeeffate dha. Qorannoo ibsaa akkuma maqaansaa ibsu, dhimma tokko gadifageenyaan ibsaafi hiika gahaa itti keennuudhaan kan qoratu ta'uu, Fileen (2019 :42) ibseera. Itti dabaluu, qorannoo ibsaa rakkoolee yookaan sababoota qorannoo tokkoo kan adda baasuu, odeeffannoo akkamta qaacceessuun akka ta'e ni ibsa. Bifuma kanaan qorataan qorannoo kanaa mata-duree qorannichaa waliin kan deemu gosa qorannoo ibsaafi mala qaacceessa ragaa qulqulleeffataa ta'uu filachuun mirkaneeffatee itti gargaaramera.

3.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa qabiyyee fi raawwii Weedduu asmaarii, Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Aallee fi Diiduu keessatti namoota Weedduu asmaarii irratti hubannoo qaban jedhamanii amanamanii (maanguddoowwan) fi asmaarootadha. Ragaan qorannoo kanaa harki caalu af-gaafiin, daawwannaa fi marii gareen yoota'u namoota hubannoo weedduu Asmaarii irratti qaban dhiira 8 dubartii 4 walitti 12, akkasumas namoota jireenya isaanii hojii asmaarummaan jiraatan dhiirota 4, aanaalee lamman irraa mala miti-carraadhaan kan funaannamedha.

Sababiin iddattoon miti-carraa filatameef gosa iddattoo kanaa keessatti odeefhimtootni kan filataman miseensummaa hawaasa sana keessa jiraatanu, carraan osoo hin taane beekumsa sirna raawwii taatewwan adda addaa keessatti gahee ykn muuxannoo qabaniin ykn ogummaa asmarummaa qaban fayyadamuun odeeffannoon sassaabama waan ta'eef. Qorataan qorannoo kanaas iddattoo miti-carraa akkayyoo (*purposive sampling*) fayyadamee jira. Kunis kan filatameef kallattii mata duree filatameen namoota odeeffannoo sirriitti kennuu danda'an ykn dhimma mata duree wajjin hariiroo qabanu filachuudhaan odeeffannoo barbaachisoo ta'an karaa ittiin walitti qabaniin waan ta'efidha. Yaada kana Singh (2006) yommuu ibsu, iddatteessuun akkayyoo qorataan tokko kaayyoo isaa irratti hundaa'ee kan murteessuudha.

Namootni Asmaarummaan jiraatan dhiira qofa wanti ta'aniif hanga har'aatti asmaariin dubartii hin beekamu. Walumaagalatti baay'inni namoota akka iddattootti odeeffannoo kennu jedhamanii yaadaman 16(kudha jaha) yoo ta'an hirmaachisummaan isaa amanamaadha.

3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen funaansa raga qorannoo kanaa, Afgaaffii, Daawwannaa fi Marii gareeti. Walumaa galatti meeshaalee kanneenitti hanga danda'ameen itti fayyadamuun qorataan odeeffannoo barbaachisaa ta'an argachuun barreefamatti jijjiiree, qindeessee dhiheessee jira.

3.3.1. Af-gaaffii

Haalli ragaan qorannoo ittiin funaannamu kun gaaffii afaanii waan ta'eef gaafatamaan gaaffii dhiyaatu dhaggeeffachuun waan beekuufii muuxannoo waa'ee gaaffii dhiyaatuuf saniratti qabuun kan deebii afaaniin kennuudha .Innis kan barbaachiseef daawwannaa keessatti wantoota ifa hintaane adda baasuun mirkaneeffachuudha.Qorataan qorannoo isaa keessatti afgaaffii caaseffama gamtokkee(semi-structured interview) fayyadame.Gaaffileen afaaniin itti yaadamanii dhiyaatanii fi gaaffileen biro osoo itti hin yaadamin gaaffilee caaseffamaa irraa ka'uudhaan qulqulleeffachuuf gaafatamaniidha.(Dorneyi,2007). Haaluma kanaan Aanaalee lamman keessaa gandoota arfan filataman irraa namoota hojii asmaarummaan jiraatan 8(saddeetiif) afgaaffiin dhiyaateera. Namoota weedduu Asmaarii irratti hubannoo gadi fageenyaa qaban (Kan asmaarii faarsiisanii yookaan faarfamanii beekanuufi naannicha keessa yeroo dheeraaf jiraatan maanguddoowwan waa'ee asdhufa weedduu asmaarii beekuu danda'u jedhame yaadamu) irraa odeeffannoon fudhatamera.Namoonni gaaffiin dhiyaateeffii ragaan irraa fudhatame xiinxalamee ibsameera.

3.3.2. Daawwannaa

Daawwannaan gosootameeshaa funaansa ragaa qorannoon kun ittiin gaggeeffamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataan yoomessa raawwii weedduu qorachuu barbaade sana daawwachuun yaadaafii qalbiin hubatee ijaan arge kan ibsuudha. Kunis qorannoon bifa gaaffiitiin yoo qorataan yaada quubsaa argachuu hindandeenyeef qabatamaan waan dhugaa ta'e argachuu kan nama dandeessisuudha. Yaada kana ilaalchisee Dastaan (2013) Yaalow (2006) waabefachuun yoo ibsu "qorataan tokko daawwannaadhaan waan hubate tokkorratti hundaa'uun waa'ee waan daawwate sanii murtii laachuu danda'a" jedhu.

Qorataan qorannoo kanaatis maloota ragaa funaansaaf oolan keessaa daawwannaa gochuu dhaan, eenyuu akka weeddisuu, maal maal ilaalchisee akka weeddisuu, maaliif akka weeddisuu, yoom yoom akka weeddisuu, eessatti akka weeddisuu malliifi dub-deebiin weeddichaa maal akka fakkaatu adda baafata. Kunis ta'e jedhee itti siqeenyaan guyyaa cidhaa ykn guyyaa gabaan jiru kallattiin deemuun yommuu asmaariin weedduu isaa weeddisuun uummata bohaarsu dhaggeeffachuun kan raawwatamedha. Kanas warra dhimmaa hayyamni gaafatamee sagalee waraabuun, suuraa kaasuuniifi yadannoo qabachuun gaggeeffameera. Kun kan ta'e gandoolii filataman arfan keessa si'a sagantaan jiru marsaa jalqabaa haala mijeeffachuun marsaa 2ffaa hojii ragaa funaannachuun raawwatameera. Guyyaa gabaan jiru deemuun manneen dhugaatii jiran keessaa kan asmaariin keessaa weeddisaa jiru filachuun afgaaffii dhaan ragaa gaafannoo irratti hundaa'ee qophaa'e gaafatamaniiru.

3.3.3 Marii Garee

Qaamni odeeffannoo naaf kennee garee garagaraatti mariisisuun odeeffannoo waa'ee weedduu Asmaarii ilaalichisee marii bal'aan kan gaggeeffame yoo ta'u qabiyyeewwan weedduu Asmaarii garaagaraa kan dagatan wal yaadachiisuun odeeffannoo qorannoo kanaatiif mijataa ta'e haala gaariin argamera. Namoonni odeeffannoo kennan kunniinis garee 4 yammuu ta'anuu; baay'inni namoota garee arfan keessatti hirmaatan afur, afur turan. Namoonni odeefhimtoota gandoolii arfan keessaa mala mit-carraatiin filatamanii ti. Marii garee keessatti Azmaaroonis ni hirmaataniiru. Muxxannoo hanga ammaa jirun kan weedduu Azmaarii naannoo qorannoon kun gaggeeffamutti weedisuu dhiroota malee durtoota miti. Kanaaf kana mirkaneeffachuuf dubartoota, maanguddoowwaniifi Azmaaroota kan dabalatu murna 4 gandoolii 4n keessaa mala iddatteessuu Akkayyoo (*purposive sampling*) fayyadamuun odeeffannoon funaanameera. Miseensota gareetiif qabxilee marii gaaffilee qorannoo kanaatiif odeeffannoo ta'u danda'anuufi yaadni haaraas yoo jiraate achumaan akka ibsanu itti dhiheessuun akka itti mari'atanu ta'era. Qorataan, hirmaattoonni marii haala ifaafi biliisa ta'en sodaa tokko malee akka isaan yaada keennanu gochuuf dursee kaayyoo marii ibsuun mariin adeemsiisame. Adeemsa marii keessattis hirmaattoota hayyamsiisee, sagalee waraabuu, suuraa kaasuufi yaadannoo qabachaa deemuun yaalamera. Nama shakkiin itti uumameef sagalee waraabameefi suuraa kaasamee agarsiisuun isa fedha isaanii hin taane keessaa haqaa raawwatamera.

3.4. Qindeessaa fi qaaccessa Ragaa

Qorataan ragaalee sassaabate gara barreeffamaatti jijjiiree mala qaaccessa ragaalee akkamtaa fayyadamuun ibsa gahaa itti kenname jira..Malli qaaccessa ragaalee akkamtaa jiruu fi jireenya dhala namaa waliin hariiroo yeroo dheeraa qabaachuu isaati.Gama biraatiin weedduun Asmaarii namoota garagaraarraa sagalee waraabuudhaan kan fudhatamu, weedduun weeddifamu qabiyyee weedduu Asmaarii akkamii keessa akka galuu danda'u, yookin weedduun sun qabiyyee weedduu Asmaarii kam wajjiin akka deemuu danda'u funaanuun barreeffamatti jijjiiree yoo ta'u, weedduun kun namoota garagaraarraa waan funaannameef irra deddeebiin weedduu irraa hambisuun barreeffamee jira.

3.5. Namuusa Qorannichaa

Qorataan tokko qorannoo sirrii gaggeessuu yoo barbaade, qaama hawaasaa qorannoon irratti gaggeeffamu sanaaf kaayyoo qorannoo isaa sirriitti ibsuu, aada, dudhaa fi safuu hawaasaa beekuu, kabajiuun irraa eegama jedha. Dawson (2007).Qorannoo kana keessatti yaada armaan olii fudhachuun gochawwan kanaa gadii raawwadhe.

1. Qorannoon kun dhamaatii qorataa qofaan kan galma gahu miti. Kanaafuu, namoota yaada naaf kennuun na gargaaran, karaa natti agarsiisuun akkasumas deggarsa adda addaa naaf godhan walii galteen hojjechaa tureru.
2. Odeeffannoo qorannichaa sassaabuun dura qaama barbaachisuuf kaayyoo qorannichaan ibse.
3. Gara qaama hawaasaa qorannoon irratti gaggeefamuus yommuun gahu kaayyoo qorannichaa ibsuufi eeyyema argachuun hojii jalqabaa taasisadheen eegale.
4. Qaama hawaasaa sanaaf amanamaa ta'uuf haala jireenya hawaasa sanaa kabaja kennuun murteessaa waan ta'eef haala kanaan raawwachaa tureera.
5. Yommuu ragaadhaaf suuraa kaasu, sagalee waraabu dursee eeyyema gaafachaa ti. Yaada naaf kennan ammo itti agarsiisaa fayyadamaan ture. Namni maqaan isaa akka hin ibsamne barbaadu yoo jiraate akka fedha isaatti itti fayyadamuun hojii kanaaf oolcheera.

BOQONNAA AFUR

RAGAALEE XINXALUU, HIIKUUFI IBSUU

Boqonnaa kana keessatti ragaalee maddawwan garaagaraatu haammataame jira. Qorataan odeeffannoo karaalee af-gaaffii marii gareefi daawwannaan argamani walitti qabuun; kan yaadni isaanii wal fakkatanii bakka tokkotti walitti fiduun xinxaleera. Ergaan isaanis haala xinxalameen ibsamee jira.

4.1. Qabiyyee Weedduu Asmaarii

Asmaariin Oromoo weedduusaa keessatti wanti inni hin kaasiin akka hin jirree hundiyyuu irratti walii gala. Garuu yoomeessa isaa irratti hunda'a. Kan mana gaddaatti, mana cidhaatti, mana dhugaatiitti, mana daboo yookaan bakka hojiitti faarfamuu adda addadha.

Asmaariin tokko osoo karaa adeemuu akka tasaa dhimma biraatiif yoo mana namaatti gore masaanqoo isaa haadhaa fi ilmoo hiikee sagalee dhageessissu malee gadi hin bahu, akka Oodatti ilaalama. Guyyaa gaa'elaas yoo waammatan akkuma asmaaronni heddummataniin cidhi sun ni ho'a jedhamee yaadama. Asmaariin abaaruu eebbisu ni qaqqabsiisa jedhamee waan amanamuuf kabaja guddaa qaba. Akka aadaa Oromootti hanga yonaatti asmaarii kan ta'e dhiira qofaadha Kunis kan ta'uu danda'eef jedhu namootni yaada kana ilaalchisee yaada laatan akka ibsaniitti karaa fagoo deemani bakka cidhaa oolani yoo namatti dhi'es buluun waan jiruuf dubartiin yoo asmaarummaa irratti bobbaate rakkoon adda addaa irra gahuu waan danda'uuf hin jajjabeeffamu ykn hin eyyemamne. Obbo Tanaan yaada kanatti dabaluu dhaan dubartiin yoo masanqoo rukuttee "farsoon ishee hin miyyaa'u" jedhu warri keenya jedhan.

Ebelutu asmaarummaa jalqabe jechuuf baay'ee nama rakkisa. Garuu uummatni Oromoo achii as dhufa yeroo boqonnaas ta'ee yommuu cidha adda addaa baafatu kan ittiin bohaaru keessaa tokko asmaariidhaani. Asmaariinximboo/masaanqoo qabatee dhufnaan ayyaanni ni marga, simbirri muka irraa buuti, qottuun qonnatti jabaatti, kan daldalu cimee hojjeta, qeerrooti onnee hora, daangaan biyyaa hin sarbamu, ...jedhamee yaadama. Du'aa fi jiraa faarsuun boo'ee boossisee qarshii fudhata.

Asmaariin faaruudhaan Waaqa galateeffatu, dacheen ni faarsu, walaloo nama bohaarsu walaleessu, goota faarsuun dargaggeessatti onnee horu, haadha gootaa faarsuun haadholii jajjabeessu, hiyyumaan akka nama salphisu, soressi akka kabja qabu, namni hojiitti akka jabaatu weedduu dhaam himu, boo'anii boossisanii nama du'e faarsu, jiraa faarsuun jajjabeessu.

4.1.1 Faaruu Waaqaa

Oromoon uumaa qaba, uumaa isaas bakkaafi yeroo isaa osoo hin filatiin dalagaa kamiyyuu dalaguuf dursee Waaqasaa kadhata. Dalagaa ofii isaa erga xumuree ykn waan jalqabee erga raawwateemmoo Uumaa isa gargaare ni galateeffata. Kanaanis Oromoonni addatti bahanii akka beekaman manguddootni iddattootni ni eeru.

Asmaariin yommuu mana cidhaa sana gahu callisee nama faarsuun hin eegalu. Dursee waaqa uumaa isaa akkas jechuun faarsa

Yaa Waaqayyo gooftaa
Yaa abbaa guungumaa koo
Yaa abbaa hundumaa koo
Roobdee biqilchitaa
Jeejee /beela dhidhimsitaa
Baala midhaan gootaa
Baanaa nama gootaa

Jabanaan hin cabnee Kan haadha sanbataatii

Jabanni hin dabarree Kan gooftaa jabaatii

Ancabbiin baala jedhuu ammas ancabbiin baalaa

Kan rabbi caala jedhuu ammas kan rabbiitu caalaa.

Akka walaloo armaan olitti ergaan isaa inni ijoon, uummata Oromoo biratti waaqa tokkicha kan roobsuu fi gogsuu danda'u jedhamee waan amanamuuf asmaaronnis faaruu kana fayyadamanii yaada uummatichaa bakka onnee isaatti bu'uun yaada isaanii raawwatu. Gam tokkoon namni akka of hin daganne waaqa isaa kadhachuu akka qabu barsiisa, Gama biraatiin ammo rooba waaqni kennutti fayyadamanii jeejee/beela of irraa balleessuu akka qaban barsiisu. Faaruun armaan gadii kunis kanuuma nu agarsiisa.

Rabbi Rabbi Jechuu

hamaanuu kajeelaa

Kan rabbitti bulee
jal'aanuu qajeelaa
Ooltanii bultanii
Ayyeetuu majanii
Rabbiin Kan jajanii
Rabbi Maal hin goonee
Isa hin dhoksatanii
Obdaa baala dheeraa
Biqilteem yaadanbii
Gooftaa yaada dheera
Si dinqeem yaa raabbii---

(Madda asmaarii Obbo Tanaanoo Makuraa.)

Ergan faaruu kanaa waan hundaa dursinee waaqa kadhachuun sirrii akka ta'eefi oromoonni dursanii waaqa uumaa isaanii akka waaqeffatan akkasumas beekaan isaanii haaluma kanaan akka itti fufu wallaalanis akka irraa baratu karaa faaruutiin dhaamsa dabarfatu. Itti fufuunis rabbi ykn Waaqni uumaan lafa kana irratti nama akkamii akka jaallatuu fi nama akkamii ammo akka ciiga'u karaa adda addaatiin ibsatu.

kan waaqni jaallatuu

Arjaaf adaanessaa

Inni waaqni jibbuu

Doqnaaf albaadhessaa

Ergaan faaruu armaan olii kun waaqayyoon nama namaaf tole kan jallatu ta'uu kan waaqni jibbu immoo hammeenya ta'uu agarsiisuu barsiisuudha. Uummatni Oromoo kan qabu isa dhabeef qoodee,kan dhukkubsatu gaafatee,kan du'e jajjabeessee waliin jiraachuun dudhaa isaa kana karaa afoola adda addaatiin dhalootaa dhalootatti dabarsaa akka ture namatti agarsiisa.

Rabbi Maal hin goonee

Ijaan dhalatani

Jaamaa nama godhaa

Gurraan dhalatani

Duudaa nama godhaa.

Dugdaan dhalatani

Goophoo nama godhaa

Millaan dhalatani

Naafa nama godhaa

Ilmoon dhalatani

Kophaa nama gadhaa

Rabbi Maal hin goonee...

Walaloo weedduu asmarii kanaa olii irraa wanti hubatamuu Rabbi waan hunda gochuu kan danda'u ta'usaati.Kunis fayyaa qaamolee namaa yoo ilaalle kan yammu dhalatu nagaa nagaa turee rakkoo garagaraatu irratti uumamee agarra. Keessattuu rakkoo argaa-dhageettii rakkoo dhaabbii qaamaa, rakkoo dhabdummaafi kan kana fakkaatutu nama irratti umama.

Akka manguddoonnii fi asmaaronni madda odeeffannoo kanaa ibsanitti uumaman wantoota lafa kanarraa jiran hunda irratti ija kennuu, jaamsuu, gurra kennuu duuchuu, uumuu ajjeesuu, goobeessuu fi qajeelchuudhaaf humnaa fi aangoo ol'aanaa kan qabu kan rabbiin caalu humtuu hin jirru. Kan uume kanaafis waan barbaade kennuufis irraayis fudhachuu kan danda'u waan ta'eef uumaa ofii sodachuun sirrii akka ta'ee fi dogoggora irraa namni of eegu akka qabu agarsiisa. Kanaaf dhalli namaa Waaqa isaa dhaga'uun, abboommii isaa jala buluun, kadhachuufi galateeffachuun rakkoowwan kanneen irraa baraaramu akka danda'mu himu.

Rabbi nagaan bultee?

Rabbi nagaan ooltee?

Bultaniin incaalaa

Ooltaniin itti aanaa

Yaa Rabbi situ caala

Kan garaan fittaalaa.

Yaa Waaqayyo hinroobda

Yaa abbaa guungumaa koo

Roobdee magarsitaa

Jeejee dhidhimsitaa

Yaa abbaa hundumaa koo.

Baala midhaan goota

Muummees laga goota

Kuullees sa'a goota

Yuuyyees nama goota

Ana iyyeessa kee

Uumtee attam nagoota?(*Faaruu Waaqaa Tanaanoo Makuraa ti.*)

Asmaaroonni weedduu isaanii keessatti Waaqa jaju. Hojii Waaqaa Waaqaa gadi kan biraa hoomtuu akka hin jirree ibsu. Kan nu jiraachisuu Waaqa akka ta'e, jechuunis; kan roobee biqilchuu, kan midhaan magarsuu, kan jeejee baleessuufi horiin namaaf akka fayyeeddutti kan taasiisu ta'uu walaloo kanaa olii keessatti ni mul'ta.

4.1.2 Faaruu Dachee

Asmaariin akkuma Waaqa faarsan dacheenis akka isheen niitii Waaqaa taateetti akka namaatti faarsu. Dacheen Waaqaa gaditti lafa dhalli namaa irra jiraatu kanaadha. Lafti dhalli

namaa irra jiraatu kun waan hunda dandeessuu fi jireenya dhala namaatiif murteessaa akka ta'e faarsu. Dachee fi Haadha illee walitti fakkeessu.

Eegan rabbiin faarsee

Takkan dacheen faarsaa

Dache yaa haadha margoo

gara bal'eettii Koo

Dachee yaadingituu,

dache yaa shiishaatuu

Natti ajaa'e jettee

iiyyeessa hin jibbituu, isa cittoo qabuu

Natti urgaa'e jettee

sooressaa hin sirbituu, isa shittoo qabuu

Ati homaa hin jibbituu

Oromoon uumama waaqa keessaa waaqa keessaa kan inni galateeffatu ni jira. inni waaqa uumaa isaatti aansee dacheen ni galateeffata. Kanaaf yeroo dacheen faarsutti karaa afoola isaanitiin ni yaadatu. Dacheen 'niitii Waaqaati', kaan ammo 'Obboleettii Waaqaati' jedhee amana.

Faaruum armaan olii kun immoo dacheen yeroo jiranis yoo du'anis sooressas hiyyeessas kan addaan hin qoodne ykn hin filanne ta'uu fi sassaabduu waan hundumaa akka taate ibsuudha. Kunuunsa qabeenya uumamaa dache irratti biqilee dhalootni itti fufsiisuu qaba.

Jiraa keenya hin baattaa

Du'aa keenya hin nyaattaa

Jalaan bishaan baattaa

Irraan midhaan baattaa

Calla biqilchitaa

Calla dhidhimsitaa

Horree sirraa nyaannaa

Gara bal'eettii koo

Hamma jettus ni geessaa

Gilindistee teessaa
Liqimsitee teessaa
Ajab ajab jennee
Jarri asis hin deebinee
Yaa jiruu adeemuu
Warri qabirii hin seennee
Oldeebi'uu hin qabnee
Dukana qabiriidhaa
Kan dhaqanii mitii
Hojiin gooftaa keenyaa

(Obbo Tanaanoo Makuraa fi Obbo Taadiyoos Wandimmuu)

Akkuma walaloo armaan olii irraa hubatamuun dandaa'amutti dacheen ykn lafti kan iraa qotanii nyaatan,keessa isheetii bishaan qulqulluu waraabanii dhuganii dheebuu bahanii,yoo du'ani ammo keessa lixanii akka jiraatamu ibsu.kanaafuu, bara lafa irra jiraatanitti utuu nama hin tuffatin waan fedhan irratti raawwatanii, yommuu du'an ammo du'aa namaas tole jettee kan ofitti fudhattu akka taate walaloon ibsameera.Oromoo dhaloota haaraa yommoo barsiisu yoo du'an as deebi'uun waan hin jirreef hanga lafa irra jiraatanitti waan gaarii akka raawwatan bifa faaruutiin itti ibsa.

4.1.3 Faaruu Gootaa

Uummata Oromoo biratti Gootummaan karaa hedduun ibsama.Osoo mirgi bineensotaa fi bineensota bosonaa akka yeroo har'aa hin eegamin dura, namni gammoojjii deemee gafarsa ykn bineensota gurguddaa ajjeese Goota jedhama ture.Akka naanoo qorannoon kun itti gaggeeffameetti namni qotee nyaataan of danda'ee midhaan gabaatti baase, namni ijoollee barsiifatee sadarkaa guddaan gahate, namni daangaa biyaa kabajchiisuuf adda waraanaa deeme hundi goota jedhama.jechuun yaada kan kennan odeef-himtoota marii gareeti.

Margaa qoma rifeensaa
Yaa deggaraa iyyeessaa
Warra qawweedhaan loluu
Warra meeshaan taankiidhaa
Duraa hin siqnee yaadiidhaa.
Mishingaan midhaan mitii

Qotatee ciise malee
Kilaashiin niitii mitii
Haammatee ciise malee
Buujaleen quba hin qabduu
Qamaleen luba hin qabduu
Yaa tokkottii biyya ormaa
Yaa bookkiftuu akka kormaa
Haa qottu qotiyyoo
Erga qambara baatee
Haa loltu Itoophiyaan
Erga kilaashii baatee
Nu Nyaatee oolte gadheen
Tabba sookee gootee
Jagna ijoollee gootee
Goraadee fudhatanii
Gurraa irraa ciranii

Biyyi tokko biyya taatee jiraachuuf tattaaffii fi waliin jireenya hawaasaa biratti namootni gootummaan daangaa biyya isaanii kabajchiisan murteessoodha. Uummata Oromoo birattis asmaariin faaruu dhaan daangaan biyyaa akka hin sarbamne yoo sarbames kallattii Goototni itti hirmaatani daangaa biyya isaanii itti kabajchiisuu dandaa'an agarsiisu. Gama biraatiin karaa diinni ittiin biyya sarbuuf kaatu illee yeroon itti agarsiisan ni jira.

Ergaa Walaloo kanaa olitti barreeffamee irraa akkuma hubachuun dandaa'amutti, Gootni Margaa jedhamu maatii horachuu dhiisee biyya isaatiif jecha kilaashii haammatee ciisee diina lolaa akka ture ibsuudhaan namni biyyi maatii horachuudhaa ol akka ta'e barsiisu. Qotiyyoo fi Itoophiyaas walbira qabuun, qotiyyoon waanjoo baannaan haala gaariin qotuu akka qabdu, goototni Itoophiyaa ammo meeshaa erga guuttatanii lolanii biyya isaanii kabajchiisuu akka qaban ibsa.

4.1.4 Faaruu siyaasaa

Dhalli namaa Dachee kana irratti haaluma hubannaa fi aangoo walcaaluun gaggeessaa waliif ta'aa akka turee fi har'as akka walbulchu ni beekama. Sirna gaggeessummaa kana keessatti kan abshaalummaa caalu fi meeshaa waraanaa argate isa kaan hacuucaa, inni

kaanis darabee isaa gaafa ga’u gahee isaa raawwachaa adeemaa turan. Haaluma kanaan asmaariin dhiibbaa dhalli namaa walirratti raawwatu kana bifa walalootiin ibsu.

Daadhiin bookaa bookumaa

Sanyiin gootaa gootumaa

Mudhii isaa gudunfatee

Ija isaa dunuunfatee

Minishirii dhukaasee

Diina isaa biyyaa baasee

Haasa’uun didhaa taatee

Aasofnaan hidhaa taatee

Dubbiin karchallee taatee. Jedhu.

Asmaariin akkuma goota biyyaaf daangaa kabachiisuuf of kenne faarsu, namoota siyaasa biyyaa keessatti gahee isaanii taphataniifi rakkoo isaan mudate weellisuun quqqaa jiru ibsatu.

4.1.5Faaruu Dinagdee

Hawaasni tokko hawaasa kan biroo irra akkasumas namni tokko nama biroo irra caaluuf jireenya lafa kanaa dandamatee jiraachuuf dinagdeen iddoo guddaa qaba. Namni lafa kana irra jiraatu ammoo jireenya kana mo’achuuf walqixa hin socho’u. Nama waliqixa hin sochoone kana ammoo hojiitti wanti jabeessu ykn kakaasu jiraachuun murteessaadha. Haaluma kanaan Asmaariin keessattuu qeerroon hojii akka jaallatu, yoo hojjetan malee mana dhaabbachuun akka hin yaadamne walao kanaan gadiitiin akkasitti ibsu.

Arfaasaa qotan malee

birraa maal makaratuu

Qeerrummaan horan malee

niitii fuunaan maal nyaatuu

Inni bariin raffisuu

isa badii farrisuu

Inni guyyaa raffisuu

isa qullaatti hambisuu

Harar karaan hin jiruu

Karra baaburaa malee

Hundaan nooriin hin jiruu
Abbaa taamunii malee
Qarshii yaa kosholee Koo
Situ buuse mogolee Koo
Gabarummaan gaariidhaa
Lafa dachee fudhanii
Gindoo dabaa muranii
Iddoo dabetti uranii
Yaa baaddeessaa laga keessaa
Yaa qalamee situ yaabee
Yaa arragessaa hunda keessaa
Yaa gabaree situ caalee
Yaa gabaree siif safuudhaa
Buddeena nyaannanis rafuudhaa.
Yoo garaan bishaan kajelee
Muummee haranii dhuguudhaa
Yoo garaan midhaan kajelee
Caakkaa ciranii qotuudhaa
Yoo garaan fira kajelee
Afaan dhiisanii toluudhaa
Midhaan ammaa gara caakkaa
Dubbiin ammaa gara jaarsaa.
Daldalummaan gaariidhaa
Harree garaa hidhanii
Tarree gabaa lixanii

Asmaariin akkuma hojiiwwan aartii biro hawwasni tooko akka hojiitti jabaatee dinagdee isaa guddifatu gochuu keessatti shoora olaanaa qabu.Dhalootni boodaan dhufus yoo dinagdeen

hin guddanne gara fuula duraatti maaltu akka isa qunnamuu danda’u walaleessuun barsiisu. Keessattuu dargaggeessi osoo gara gaa’elaatti hin seenin dinagdeedhaan jabaatee hojjechuu akka qabu faaruun barsiisu.

Dargaggoon tokko otoo gaa’ela hun hundeessin dura karaa hundumaan of qopheessuu akka qabu barsiisuuf;

“Arfaasaa qotan malee birraa maal makaratuu?

Qeerrumaan horan malee niitii fuunaan maal nyaatuu?”

jechuun yoo fuudha yaadaa jiraate irra deebi’ee dinagdeedhaan akka qophaa’u gochuu keessatti shoora olaanaa taphatu.

Itti fufuudhaan; “Inni barii raffisuu isa badii farrisuu

Inni guyyaa raffisuu isa qullaatti hambisuu.”

jedhanii namni jireenya isaa jijjiiruuf dinagdee dhaan jabaachuu akka qaban,namni halkaniif guyyaa osoo hin rafin hojjechuu akka qabu akeekkachiisu.Hawaasa keessaa namni qonnaan bulaa ta’uu barbaade Gindoo muree, uree, qotiyoo qopheeffatee,kan daldaluu barbaade harree bitatee hojjechuu akka danda’u kallattii jireenya fooyya’aa itti jiraachuu dandaa’an barsiisu.

Faaruun asmaarii faayidaan inni hawaasaaf qabu yommuu ilaalamu, dinagdeen, hawaasummaan,siyaasaan, jijjiramni akka jiraatu gochuu irratti gargaarsa olaanaa gumaacha. Gama dinagdeetiin uummatni Oromoo olla isaatii gadi akka hin taaneef iyyeessaafi sooressa akka sadarkaa isaatti faarsuun, iyyeessi hiyyummaa isaa keessaa akka bahuu fi sooressi ammo hojii isaa booddeetti akka hin deebine xiiqii itti hour.Gara fuula duraatti ammo bara itti teeknooloojiin babal’atee Oomishin qonnaan bulaa gatii olaanaatti gurguramu akka dhufu dubbatu.

Walitti dhufeenya maatii, abbaa manaa fi haadha manaa, ijoollee,soddaa fi amaatii karaa namaaf galuu danda’uun barsiisu.Namoota hawaasa keessaa hojii gaarii hojjetaa turanii boqotan,kanneen ammas hojii uummata fayyadu hojjetaa jiran faarsuun dhalootni jiru hojii akka of qopheessu fi Onnee horatu gahee guddaa taphatu.

Indaanqoon ganna coomti

Nama qalatu dhibee
Iyyeessii dubbii beektii
Nama gaafatutu dhibe
Uqqattuu daaroon nyaatte
Iseen jabaatten kaatte
Namni argee keessaa hin baasu
Achumaa gangalatti
Deegaa olla sooressaa
Sooressi qalee hin kennu
Iseen qabaattee hin qaltu
Achumaa guggubatt

Niitiin Nama qabeessaa
Waamichi fuula dura
Taa'umsi mataa dura
Nitii Nama deegaadhaa
Waamichi ishee boodeedha
Taa'umsi ishee moonyeedha
Qodaa dhiqaatti waamu waciitii
Baachisanii rajijjii baachisanii
Boris ni dhufti jrdhu
Booruuyyuu ni dhugdi...

jedhani weeddisuun hiyyuummaan hammam salphina akka ta'e hubachisu.

Faaruu asmaarii hawaasa biratti qabeessii fi hiyyeessi walqixa akka hin ilaalamne bifa walalootiin faarsuun ibsu. Namni harka qalleessa ta'e haati warraa isaallee kabaja akka hin qabne, kan nyaataaf kennamu fi bakkii taa'umsaa kan warra sooressaa irraa garaagarummaa akka qabu addeessu. Garaagarummaan kun gaarii ta;'uu baatus weedduu kana dhaga'ee namni hiyyummaa keessaa of baasuuf jabaachuu akka qabu barnoota cimaa akka dabarsan hubachuun ni dandaa'ama.

4.1.6 Faaruu Tokkummaa Cimsuu

Akkuma Oromoon “Mukni tokko ni aarti malee hin bobaatu “jedhu daangaa biyyaa eeguuf, nageenya waliinii tiksuuf, jireenya hawaasummaa cimsachuuf, gaddaa fi gammachuu waliinii hirmaachuuf tokkummaan murteessaadha. “Mixiin walgargaartee Arba hiiti” jedhama. Asmaariin dhimma kana ilaalchisee akkamitti akka ibsan weedduu kanaa gadii irraa haa ilaallu.

Farsoon kophaa hin tollee
Biqilaa wajjinii
Ilmi Caalii Shoonoo
Fatansaa kophaa hin lollee
Garasuu Dukii wajjinii
Dhukkubni reettiidhaa
Dugugguruu fixee
Lafee keessaa nyaataa
Margoo Ilmi Bookaa
Xaaliyaanii utaalchisee
Biyya bilisoomse
Ayyaansoo Bookaa wajjinii.

Ergaan faaruu kanaa olii yaaduma tokkummaa jedhu jalatti kan ibsamu ta'ee Qonnaan bulootni hojii qonnaa isaanii tokkummaan akka itti jabaatan,yoo isaan qotuu baatan namni kamiyyuu jiraachuu akka hin dandeenye ibsaa waloodhaan ammo bishaan baasanii dhuguun,lafa agabuu bule qotanii midhaan galfachuun akka dandaa'amu kakaasuudha.

Faayidaa tokkummaan qabu kan hawaasni beeku caalaa, sagalee masaanqoo bareechuun tokkummaan: qotanii galfachuuf, lolanii mo'achuuf, dubbatanii dhugaa argachuuf, fiiganiisadarkaa argachuuf akka gargaaru ifatti karaa nama hundumaaf galuu danda'uun ibsu.

4.1.7 Faaruu Bohaartii

Eegee keetiin sassaabbattaa

Ija keetiin ilaallattaa

Yaa gabaabaa akka anaaxii

Yaa albaasaa akka mootii

Yaa dheeraa akka leemanaa

Hamman muree bahuttii

Bishaaniin mukuun baasaa

Hamman miicee bahuttii

Hamman deemee galuttii

Dargaggoon mukuun baasaa

Manguddoo mukuun baasaa

Hamman du'ee baduttii

Faaruu kun namoonni dhimma adda addaatiif walitti dhufanii bakka tokko jiran yoo mukaa'an taphachiisuu fi bohaarsuuf yeroo jalqabu kan asmaariin ittiin gargaaramudha.Miidhaa duuti namarraan gahu ibsuufi Oromoon namoonni seenaa qaban yoo isaan dura du'an karaa afoolaa isaaniitiin ni yaadatu. Kanneen biros Onnee inni qabaachaa ture akka qabaatan ni barsiisaSeenaan akka hin dagannes karaa faaruu isaaniitiin dhalootaaf dabarsu.

Ergaa Faaruu asmaarii armaan olii irraa akka hubatamutti maatiin tokko ykn namootni ollaa walii ta'an galgala galgala ykn guyyaa ayyaana qaban walitti yaa'uun nama ogummaa asmaarummaa qabutti fayyadamuun akka bohaaran agarsiisa.Kanaanis,karaa faaruu

asmaariitiin dhalootni ciigoo,sookoo fi soorgoo,tooftaa lolaa,tooftaa hojii akkasumas haala itti tokkummaa ofii cimsachuun dandaa'amu wal irraa baratu.

Geetuu bulaa beekanii
Kufnee cabaa beekanii
Tabbarra hin adeemanii
Utuu duuna beekanii
Duunee bannaa beekanii
Gala kaachoo goranii
Firattuu hin kooranii
Wayyoo willee Itichaa
Cichaattii si fuudhanii
Ficootti barreessanii
Ka'ikaa Sarboo Araddoo
Wayyoo Sarboo Araddoo
Ciraakee balleessanii
Yoo indeebituu gurbaa
Murtee nu nyaachisee
Du'eetoo nu yaachisee
Yaa buujaalee milla koo
Akkasheen na hooksiftuu
Duutoo Geetachoo Garbii
Ilmi Geexoo Abbaa Garbii
Akkasheen naboosiftuu
Geetuu duutoo dingataa
Geetuu yaa galaana koo
Gaafa Geetachoon du'ee
Xiqqaa fi guddaatu boo'e

Qallaaf furdaatu boo'e
Lafatu akka sirbu ta'ee
Namni akka iyyu ta'ee
Sangoonni wanjoon ooltee
Fardi luugamaan oolee
Nadheen hidhataan ooltee

Asmaariin du'aa faarsee kan jiru irraa nyaataa jedhama. Boo'anii boossisu.ogummaa argatan kanaan namoota du'an akkaataa isaan itti du'an, yoom akka du'an, amala isaan qabaachaa turan, maqaa maatii isaanii tokko tokkoon waamuun faarsu.Yommuu kana miseensonni maatii fi namootni nama du'ee faarfamu kana beekan asmaarii faarsu kanaaf qarshii kennu.Yoo fedhan,baay'ee kan itti dhagaa'ame yoo ta'e uffata of irraa baasanii kennuuf.Waadaallee ni galu.

Asmaariin namni bashannanee jiraachuuf hojjetee qabeenyaa qabaachuun murteessaa akka ta'e bifa weedduuttin ni ibsa. Namni hin hojjenne amma hin hojjanneetti, bara baraan gadadoo keessa akka jiraatu faaruu isaanii keessatti addeessu.

Koorte koorte naan jedhuu
Amaalan beekke kooree
Ha kooru kormi weenni
Kan muka fiixee taa'uu
Akka waan dhaabee qabuu
Adii adii uffatuu
Akka waan miiccee qabuu
Barii barii dubbatuu
Akka waan saatii qabuu.
Akooru gooftaan guddaan
Kan waan hunda harkaa qabuu.

Asmaariin amala isaanii keessatti qulqullina ofii eeggachuu fi ogummaa isaaniitti amananii jiraachuu akka qaban ifaadha.Bineensa keessaa weenniitti of fakkeesuun ofii humna akka hin qabne garummoo Waaqni uumaan qofti akka isaan gargaaru namootatti faarsu.

Waa'ee qaala'insa jireenyaa yammuu weedduun ibsanu;
Walii bane yaa fonii
Kiiloonoo sadii galtee
Xeerii nyaachuun dirqamaa.
Coggaarraan gaarii kanaa
Tiruun bareedduu kanaa
Eessasaatu jibbamaa
Yaa manaa walii baanee

Qorqorroon daasii taatee
YaaMidhaanii walii baanee
Boqqolloon xaafii caaltee...jedhu.

Ergaa walaloo armaan olii irraa kan hubachuundandaa'amu,barri jijjiiramaa akka dhufe,teeknooloojiin yeroo dhaa gara yerootti dhaabbatee kan nama hin eegne akka ta'e ibsu.Gara fuula duraatti qaala'insi jireenyaa miidhaa guddaa akka qaqqabsiisu,namni jabaatee hin hojjenne ammo gabaa keessa dhaabbachuu akka hin dandeenye hubachiisa.Addunyaa kana irratti yeroo hundumaa mana caffee keessa jiraachuun akka itti fufaa hin jirree fi qorqorroo irra darbee gosti mana jireenyaa kan biroon dhufuu akka danda;u dhalootaaf bifa yeedalootiin dabarsu.

Haaluma kanaan namni dinagdeedhaan namaa gadi ta'e garboomuu akka danda'u hubachiisaa hojii hojjechuu akka irra jiraatu akeekkachiisu.

4.1.8 Faaruu Of -eeggannoo

Oolaan dhibbaan bitee
Shantamattan gurguree
Maal bu'aan haadhaan qixxee;
Naman garaa Koo jedhu
Akka dhibbaatti amanuu
Diddee wili na kaaddee
Maal dubbiin du'aan qixxee;

Ergaan walaloo armaan olii kan nama hubachiisu,akka naannoo qorannoon kun itti gaggeeffameetti,aadaa uummata Oromoo keessatti nama keessa namni ofitti aansanii waliin jiraatan ni jira.Kanaafuu, naman garaa koo jedhutu na kaadeetii nama hunda hin amaninaa jechuun wal barsiisu.

Karaa mana kee boroo
Maa durba hin arsiisini.
Wajjinan nyaadhe jette
Wajjinan dhuge jettee
Iciti garaa keetii
Horma hin barsiisiiii.

Walaloon gosa afoolaa keessaa karaa salphaa fi hubatamuu danda'uun ergaa ofii dabarfachuudha.Akkuma walaloo armaan olii irraa hubachuun dandaa'amutti Uummata Oromoo biratti ijoolleen dubaraa boroo fi balbala bareechuun beekamti>Nama ijoollee dubaraa hin qabnef ni gaddama.Dhama'aadha ittiin jedhama.Akkasumas namni waliin nyaachuu fi waliin dhuguun icitii garaa ofii walitti himuun gaarii akka hin taane hubanna.Hawaasni faaruu kana dhaga'e yeroo itti aanu of eeggannoon jiraachuuf isa gargaara.

Incinni goodaa lagaa
An lammee si hin quncisuu
Erga ciccittee hammaattee
Horii Koo hidhuu diddee
Ijoollee goodaa keenyaa
An lammee si hin dubbisuu

Ergatti Iyyeettii jettee
Anaan gargaaruu diddee
Akka taate haa taatuu
Fardi caffeeetti haa yaatuu
Ilmi abbaatti haa baatuu
Isheen abbaatti hin bane
Duutee dacheen haa taatuu.

Hidhamtee gubboo hin baafnee

Hiitee nama irraa hin nyaannee...

Uummata Oromoo biratti malaammaltummaan isa kennuu fi isa fudhatu biratti hangam ciigaa'amaa ta'uu faaruu asmaariitiin ibsama. Dhallotnis akka irraa baratuuf namni hojii kana keessaa hin qabne ulfaataa kabajamaa ta'uu faarsuun kanneen biro akka irraa baratan taasisu. Erga Oliy abbaa Oliy

Qabeenyaa hin boo'inaa
Daadhii wal gahee taa'u
Burcuqqoo keessaa dhabee
Yaayyaa walgahee taa'u
Taammiruun keessaa dhabe
Araddaa tolii dhabdee
Tola kan rabbi dhabdee
Marattee kophaa raftee
Arfaasaa roobumalee
Maaltu midhaan biqilchaa
Birraa fi qilleensamalee
Maaltu qulleessee galchaa
Duuti muka abbaa keenyaa
Hin nyaannu maqaaf keenyaa
Borisoo kanaaf teenyaa
Hin gannu ijoolleekeenyyaa

Hanga lafa irra jiraatamuutti ilmi namaa qabeenyaa horatameetti yoo wal gargaarame malee yammuu du'anuu boolla fudhanii lixuun akka hin danda'amneefi doqnummaan warra du'ee akka jaraaf hin tollee walaloo kanaa ol irraa hubanna. Keessattuu uummata Oromoo biratti walgargaarsaan tokko isa tokkoof waliif qoodee waliin akka jiraatu beekamaadha. Namaan hiyyeessa jechuu irraa ofitti qabanii deggaruun dirqama lammummaa akka ta'e barsiisa.

Nyaatanii hin nyaanne jechuu
Garaan Nama taajjabbii
Baqadhee hin bane jechuu
Miilli Koo na taajjabbii
Ormi naa taane jechuuf
Warrii Koo na taajjabbii
Dhukkubsatanii ciisuun
Sodaa du'aa fakkaattii

Lolanii araaramuun sodaa namaa fakkaattii

Isin silaa diddani weedduu narkaa fixxanii...

4.2. Akkaata raawwiifi weedduu asmaarii

Asmaarummaan ariifatani hanga liphsoo ijaatti walaloo uumuu fi haala namootni ykn dhaggeeffattootni keessa turan jijjiiruu waan qabuuf ija jabina barbaada jechuun odeef-himtootni af-gaaffiin dhiyaateef (irratti hirmaatan) dubbataniiru. Obbo Taadiyoos Wanddimmu; faaruun asmaarii yoomii fi eessatti akka faarfatamu yommuu ibsanu; akka aadaa Oromootti asmaariidhaaf bakka guddaatu kennama. Manni asmaariin galee itti faarsee bahe ni eebbifama. Yoo inni abaares ni miidhama jedhamee amanama. Ummatni Oromoo yeroo cidhaa fi gammachuu adda addaa qabu asmaarii waammata.

Asmaariin nama meeshaa muuziqaa aadaa ximboo (Masaanqoo) jedhamun weellisuudha. Kanas, muka waddeessa jedhamu soqamee, muka baattoo afur rog-arfee irratti gogaa kuruphee ykn kan re'ee walqabsiifamee ciraa fardaa filatamaa itti hidhuudhaan yeroo walitti rigamu sagalee adda addaa kandhageessisuudha.



Fakkii Masiinqoo/Ximboo qorataa dhaan kaasame

Namni asmaarii hin kennine

Baraan gadadoodhuma.

Masaanqoo godduu ilaalii

Ciraa rarraatuu ilaalii

Ayyaana abbaa kee ilaalii
Waa boorsaa kee naa ilaalii
Ciraa muri naan jedhee
Kanaan buli naan jedhe.

jechuun xiiqqi itti horuudhaan faarfadheen garaa laaffifadha. Yoo kennee ni eebbifama. Yoo hin kenninee isaafuu gaarii miti. Namni arrabsoo kanaa olii ilaalu ani eenyuu gadi ta'een asmaariidhaaf kennuu dhiisa jedhee akka of ceepha'u godha.

(*Obbo Tanaanoo Makuraa*) Asmaarii dha



Suuraa Obbo Tanaanoo Makuraa

Obbo Tanaanoo Makraa weedduu kanaa olii erga weeddisanii booda, Masaanqoon maal maal irraa akka hojjetame ibsuun asmaarummaan ammo uumaa biraa hojii ogummaa isaa ta'ee akka kennameef akkasumas namni asmaarii dhaaf qarshii hin kennine baraan iyyeessa ta'uu akka danda'u ibsaniiru.

Masaanqoon muka akaakuubuttujjii, karrawaayyuu, buruurii akkasumas waddeessa dabalatee kan qophaa'uudha. Uwwisnisaa dilloo/gogaa bosonuu kormaa/kurupheetiin hojjetama. Gogaan kun ukkaamfamee bultii lama erga bulee booda maraasisaa fi undee andoodeetiin sukkuumamee rifeensi isaa akka irraa bahu taasifama. Erga qulqullaa'ee booda hanga qoorutti eegamee hodhama. Erga hodhamee booda hanga ciincaan/fooliin isaa keessaa bahutti aduu irratti qoorfama. Kana booda ciraan farad itti hidhamee hojii eegala. Wantootni biro ximboo/masaanqoo rukutuuf nama gargaaran jiru. Isaanis ixaana citaa uffataa ykn gogaa qallatee baqaqfame. Ixaanni iddoo guddaa qaba. Sagalee kennuu kan danda'u ixaanaanidha. Ixaanni dugda masaanqoo irraan urataa jiru keessaa kaa'ama. Urataan kun sagaleen akka gaariitti akka bahu fayyada.

Rukuttaan masaanqoo weedduu hawwataa taasiisuuf gosti hedduun akka jiruu fi isaan kan fayyadan gosa afur akka ta'e Obbo Taadiyoos Wanddimmuu yaada isaanii keennan. Gosti

rukuttaa masaanqoo isaan tarreessan keessaa;kumkummee,shooxee,walaloo fi qottuudha.kumkummeen gosa rukuttaa masaanqoo erga qarshii fudhatanii booda ittiin bohaarsuuf ittiin sirbaniiti.Shooxeen sagalee dheeraa kan qabuu fii osoo walittii hin citin kan ittiin faarsamuudha.Gosti rukuttaa masaanqoo Qottuu jalqaba irratti gara faaruutti osoo hin seenin nama kakaasuuf kan itti fayyadaman akka ta'e ibsan.

Faarun asmaarii callifamee bakka arganitti kan weeddifamu miti. Jalqaba irratti namni cidha qabu tokko ji'a tokko dursee akka cidha qabuu fi irratti argamuu akka qabnu yoo waame qofa deemama. Asmaariin nama waamicha malee ofiin deemu miti. Namni ofiin deemu yoo rakkate illee nama wabummaa isaaf darbu hin qabu. Gama biraatiin bakka gabaa irra deemuun manneen dhugaatiitti fedhii abbaa qabeenyaa manichaa irratti hundaa'uun kan taphatamuudha. Mana nama fedhii hin qabnees deemuun dudhaa keenya miti. Bakkeewwan kun kan filatamaniif bakka uummatni hedduminaan itti walitti qabamu waan ta'eefi. Namoota hedduu irraas galii guddaa argachuu dandeenya. Nama muraasa dura dhaabbachuu fi namoota hedduu dura dhaabbachuun garaa garummaa qaba. Galiin nuti argannus akkuma sana ta'a. Haaluma walfakkaatuun gaaffiwwan asmaarotaaf dhiyaatan kan maanguddootaan walfakkata waan ta'ef cuunfaan deebiin isaa bkkatokkootti barreeffameera.

Mollaa okaa kennaa

Gurum gurum haa godhuu

Yoos faandoo tarreessaa

Tanaanoo fingillee kennaa

Yoos weedduu tarreessa.

Mollaana maqaa fardaati. /Farda abbaan koo yaabee adeemu/. Anis yeroo dheeraa itti fayyadameera.Araqeen/Fingilleen asmaariidhaaf dhiiga. Asmaariin araqee dhugnaan qajeela weeddisa. Ni jajjabeessiti.Lama darbatannaan weedduun eessaa akka dhufu hin beekamu.Takka takka afaan Ingiliziyyuu ni dubbanna. Nama asmaarii badhaasu akkas jechuun eebbisu.



Waaqni addaan isin hin basin
Iji hamaan isin hin argin
Argitus hamaan si hin ilaalin
Dhukkubsattee hin ciisin
Waaq hamtuu kee hin dhiisin
Tulluun kee hin diigamin
Guutuun kee hin saaqamin
Ammallee boora qalii
Ammallee toora galii
Yaa lafaa garagalii
Biyya kootiin na galii
Lafti maaf garagalaa
Anuu ka'eetan gala
Biyyi ofii gaangee kormaa
Keessa ta'anii kooruu
Biyyi ormaa saree kormaa
Keessa taa'anii boo'uu

Akka weedduu/walaloo kanaa olii irraahubachuun dandaa'amutti, Asmaariin eebbisees abaarees ni qaqqabsiisa jedhama. Kanaafuu, asmaariin masaanqoo isaa qabatee mana nama

tokkoo yoo ol seene osaa masaanqoo isaa hiikee hin taphachiisin mana sanaa gadi hin bahu.
Yoo osoo hin taphachiisin bahee duudaatu mana sanatti dhalata jedhamee amanama.

Silallee nan dallanee
Amma immoo nan gammadee
Kan naaf laatte sadaqaa
Inni achi hafe barakaa
Wadaaja kaabbaa godhu
Akka biraan ooltutti
Xalaata caammaa godhu
Akka iraan ooltutti
Balballi kee hin cabinii
Galgalli kee hin badinii
Asmaarii beedee mitii
Kan gaafa ateetee mitii
Buttuu taamunii mitii
Kan maqaa gattu mitii
Ajiwaa xalaanii keessan kan du'aa
Okkoo gadi ha'uu
Tokkoo gadi ta'uu isain haa baraaru
Qalqala maruu, Galgala baduu isin haa oolchu,

jechuun “namoota qarshiis ta’ee kennaa nuuf kennan eebbifna” jedhan. Weedduu armaan olii irraa akkuma hubatamu asmaariin hojiin isaanii inni guddaan faarsuu fi eebbisuu akka ta’eedha. Nama isaanitti baaces yoo abaaran akka miidhamuu danda’u dubbataniiru.

Faaruu asmaarii kana yoomii fi eessatti akka weeddisan akkasumas bakka kana maaliif akka filatan yommuu ibsanu;

Akka argan utaalanii
Miilla ofii hin komatanii
Kara deemtuu fuudhanii
Niitii qabana hin jedhanii

Tanaannoo asmaarii jaarsaa

Du'aadhaaf jiraa faarsaa

Ani ergan asmaarummaa dhiisee amanataa (amantaa pirotistaantii hordofuu) jalqabee waggaa 17 lakkoofsiseera. Maseenqoo Koos gurraachoftee bakka fannifamtee har'a gadi fuudhamte. Yeroo ammaa asmaarummaan waan fudhatama qabaatu natti hin fakkaatu. Garuu akka nama dhuunfaatti namoota fedhii qaban qaamni dhimmi isaa ilaalu qindeessee yoo qopheesse nan barsiisa. Ergan hanga kana isin waliin boodatti deebi'ee waa'ee maseenqoo kootii yaadadhee, Faaruu Waaqaa illee masaanqoo kootiin faarfachuun eegala. Beekumsi koo kun ana qofaan akka hin hafne nan hojjedha. (Tanaannoo Makuraa)

Masaanqoon/ximboon maqaa garaa garraatiin akka waamantu nutti himan. Roobee, masuu, haadha firaa, burqituu, haadha rafarrafaa jechuun akka waaman dubbatu.

Faaruu asmaarii akkamitti akka barani fi fedhii horatamn tarreessuutti haka'an. Haati koo haadha dhaabataati/haadha karaati. Waggaa waggaatti dubartoota naannoo keenyaa dura buutee karaatti baatee Waaqa kadhatti. Waaqnis ni dhaga'a. Bara sana Quufatu ture. Beelli akka ammaa hin sodaachifne. Abbaan koo Ogummaa asmaarummaa qabu. Miilla abbaa kootii jala taa'een ogummaa kana bare. Abbaan koo yommuu masaanqoo dhahu shogguxii mudhiitti hidhatee, booraa Fardaa yaabbatee bakka kabajaan waamame deema. Namni hundi ni jaal'ata. ni kabajamas. Anis yooman akka abbaa kootii ta'a jedheen dharra'aa ture, hangan harka kootiin masaanqoo qabachuu jalqabutti.

Egaa abbaan koo obboolota ko keessaa ana eebbiseera. Dagooyyeen eebbaa fi abaarsaaf barbaadama. Awaliyaa qanba ture. Egan abbaa koo jala taa'ee harka hiikkadhee booda maatii fuula dura bahee akkan faarsu/weeddusu abbaan koo naaf eyyema. Sana booda Wasiilota koo fi jaarsolii biyyaa naannoo keenyaa waamanii isaan duratti harkaa fi adda kootti tufanii "eebbifami, adda godhu, adda Leencaa godhu, karaan dugda Indaaqqoo siif haa ta'u. Firrii fi Hormi garaa siif haa laafu jechuun na eebbisan. Guyyaa sanaa jalqabee waggoota 24 (digdamii afur) asmaariin ture.

Asmaarummaan karaa fagoo deemanii bakka cidhaa oolani yoo namatti dhi'es buluun waan jiruuf dubartiin yoo asmaarummaa irratti bobbaate rakkoon adda addaa irra gahuu waan danda'uuf hin jajjabeeffamu ykn hin eyyemamne. Haaluma kanaan namni tokko gara asmaarummaatti osoo hin bahin dura sochiin harkaa fi sagalee isaa ilaalamee shaakala yeroo dheeraa booda jaarsoliin biyyaa eebbisanii "siif haa milkaa'u, ittiin nyaadhu" erga jedhanii booda karaa dheeraa adeemee hojii eegala. Achumaanis qarshii bakka cidhaatii argatuun jireenya isaa gaggeeffachuu jalqaba. Asmaariin akka aadaa Oromootti qomoo adda bahe hin qabu. Qomoo kam keessaayyuu namni danddeetti masaanqoo rukutuu qabuu fi walaloo fi yeedaloo walitti fidee nama bohaarsuu danda'udha.

Asmaariin weellisaa oolee erga qarshii sassaabbatee booda eebba walitti dhufeenya hawaasaa cimsu ebbisuun xumura. Eebba kana yoo fedhee faaruudhaan yoo fedhe ammo weelluu dhaan raawwatama. Kanaafuu faaruun asmaari dudhaa uummataa kan yeroo ammaa gadi bu'aa dhufe waliinjiraachuu, waliifyaaduu, walkabajuu akka cimu gochuu keessatti gahee bakka hin buu'e taphatu.

Eгаа nama dura bahanii weeddisuun ija jabina gaafata.Fedhii qabaachuun ammo murteessaadha.Guyyaa jalqaba nama dura dhaabbadhe qofan sodaadhee raafame.Guyyaa lammaaffatti namootni ta’anii weelluu koo naaf dhaggeeffatan kennaan koo asmaarummaa akka ta’e natti himanii jabaadhu naan jedhan.Qarshiis hedduu argachaa waanan dhufeef anis ittin jabaadhe.Qarshiin nama kafanti mitiiree jechuun qoosaa dubbatu. Asmaariin hundi walqixa miti.Ani haalli abbaan koo itti ture baay’ee barredaa waan tureef baruuf baay’een tattaafadhe. Barees waggaa 24 hojjedheera.Yommuu baay’ee natti ho’u akkas jechuun weeddisa ture.

Haaluma walfakkaatuun asmaariin hundi walfakkaataa akka hin taane, tokko tokko qarshii qofa fudhatee deemuu, kan biro ammmoo nama gaaf tooko qarshii kenneef bara baraan maqaa isaa akka kaasan dubbatama.Namni kan asmaariidhaafgaraa laafee kennu maqaa gootaa dhawuu, kan du’e faarsuu,barsiisaa faarsuun barattoota barumsatti akka jabaatan gochuu,qomoowwan beekamoo ta’an,namoota hojii misoomaatti cimani qabeenyaa horatanii kaan deggaruu dandaa’an faarsuun fayyadamaa ta’u.

4.3 Tajaajila Weedduu Asmaarii Oromoo

Asmaarummaan asmaariifis ta’e hawaasa Oromootiif kallattii baayyeen akka fayyeedu shakkii hinqabu. Gama kanaan hubannoon odeefhimtoota irraa argamees kanuma mul’isa. Asmaarii galii ittiin jiraatu nama adda addaa irraa kan argatu yammuu ta’uu; hawaasaaf immoo Walittidhufeenyaa cimisa, Dandeettii afaanii gabbisa. Akkasumas aadaafi dudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuuf gargaara.

Asmaaronni warri ogummaa asmaarummaa qaban faayidaan addaa isaan argatan jiraachuu gaafatamanii haala kanaa gadiitiin yaada isaanii kennaniiru. Eгаа asmaarummaan akkasumaan miti. Yommuu masaanqoo hiikanii Waaqaa fi Dacheen faarsanii, kan du’e faarsanii qarshii sassaabbatu. Yoo akka yaadan isaaniif ta’uu baate walaloo garaa namaa raasu filachuun faarsu.

Dubartii laman qabaa
Lachuu ulfa dahaatii
Tokko yaa raafuu jettii
Tokko yaa baaduu jettii
Haati baaduu haa deemtuu
Isheen rakkina hin beektu
Haati raafuu haa teessuu
isheen rakkoo danddeessuu.
Niitii kootu manaa daaraa
Garaa kootu baay’ee aaraa
Quba kootu na ciniinaa
boondii naaf laattaa laataa
Gateettii naciniinaa
kootii naaf laattaa laataa?

jechuun faarfatanii qarshii calla fi gosaan meeshaalee garaa garaa ykn uffata badhaafamanii itti fayyadamu.Jireenya dhuunfaa isaanii kan kanumaan gaggeeffatan ni jiru.Gama biraatiin oliif gadi deemanii hojjechuu isaaniitiin ofii isaanii beekumsafi beekamtii guddaa

horatu.Faaruu asmaarii dhimmoot addaa addaa irratti faayidaa akka qabuu fi kan ammaa tii fi kan durii garaagarummaa akka qabu hubatameera.

Uummatni Oromoo faaruu asmaarii irraa haala yeroo isaa irratti hundaa’uun faayidaa guddaa argata.Umuriis isaanii guutuu hojii asmaarummaan kan jiraatan namoota hedduu tu turani.

Obbo Tanaano Makuraa Bungul jedhamu, umuriin 62, gaafa guyyaa 10/8/2012 guyyaa keessaa sa’aa 7; 30tti qaamaan gara mana isaanii deemnee wal argine. Asmaarummaan anaaf dhiiga, lafeedha, uffata koo, qomee koo ishee qaama kootti aantu...” jechuun masaanqoo waggaa 17 dura fannisan gadi fuudhadhii, haadhaa fi ilmoo walittii hiikanii, sagalee masaanqoo akka sagalee simbiraa gurra namaa uree keessa bahuun nu bohaarsuu jalqan.

Mataan Koos bittimii
Mataan kees bittimii
Galeen faaqqee tolchaa
Maqaa kee natti himii
Galeen faarsee obsaa.
Ati isa xiixu mitii
Ani isa dhiisu mitii
Yookaan kennii na badhaasii
Yookaan asii na calaasii.
Masaanqoon ciraa dhumaa
Ciraan faradoodhumaa
Namni asmaarii hin kenninee
Kan asmaarii hin jaallannee
Baraan gadadoodhumaa
Taamuniin farad hin bittuu
Gadheen gurra abbaa hin bittuu
Soolanee dhiiraa malee
Goota ija diimaa malee
Buukaniin namaa hin naatuu
Buukiin nama hin jaallattuu
Dibaa daagussaa malee
Maxinoo furdaa malee
Eenyutu asmaarii jaallataa
Soolanee dhiiraa malee.

Akka naano qorannoon Kun itti gaggeeffameetti bakkawwan asmaaronni yeroo hedduu galii guddaa itti argataniifi baay’ee itti barbaadaman; mana cidhaa, mana nyaataa fi dhugaatii, guyyaa taabotni bahu, feestiivaalii manneen barnootaa fi bakka namootni itti walgahanitti.Bakkeewwan kanneenitti taphni asmaarii baay’ee barbaachisaa waan ta’eef asmaaronni achii hin dhabaman.Mana cidhaatii asmaariin dhabamnaana mana gaddaa fakkaata jechuun namootni qeequ.Manneen dhugaatiis guyyaa gabaas ta’ee yeroo biro gabaas harkisuuf asmaarii qofaatti akka mana jaraa oolee taphatuuf Kan namoota irraa argatu irratti kaffaltii cimaa kanfalanii of bira oolchu.

Kabaja hawaasni naannoo asmaariif qabu ilaalchisee yommuu yaada kaasan; Akka aadaa Oromootti mana asmaariin gale eebbatu miilla isaa faana seena jedhamee waan yaadamuuf

namni asmaariin akka mana isaa seenuuf ni carraaqa. Nama mitii sareeniyuu asmaariitti hin dattu. Yoo itti dutte iyyuu yomuu inni masaanqoo haadhaa fi ilmoo walittii hiikee walitti riguutti ka'u, akka waan abbaa ishee guddise argattee gururiiti. Horiin/hameessi aannan bahuu didde yoo asmaariin sagalee masaanqoo dhageessisu mucha arfaniin aannan roobsiti.

Asmaaronni beekumsa, danddeettii fi hubannaa qabu. Waaqni abshaalummaa isaan badhaaseera. Dhirsaa fi niitii addaan bahan weedduu isaaniitiin walitti araarsu. Nama hojii hojjechuu hin dandeenye hiyyummaan akka itti adeemaa jiru itti himuun jireenya isaa jijjiiru. Afaan asmaarii keessaa wanti bahu akka dammaa fi aannanii garaa namaa qabbaneessa. jechuun asmaariin eenyuun akka ta'e ibsan.

Qoti qotiin nama hin qochiisuu

Yoo onneen qote maleessaa

Loliin nama hin lolchiisuu

Yoo onneen lole maleessaa.

Yaa sangaa koo yaa sangaa kee

Ya isa gindii tatarsaasee

Yaa garaa koo yaa garaa kee

Yaa isa gididiin gargar baasee.

Arfaasaa qotan malee

Birraa maal makaratuu

Qeerrummaan horan malee

Niitii fuunaan maal nyaatuu...

jechuun kabaja hojiif qaban ibsaa namni tattaafatee akka hojjetu karaa agarsiisu.

Akka namootni odeeffannoo kennan ibsanitti yeroo ammaa baadiyyaa hundumatti teeppii fi televijiiniin galee waan jiruuf barbaachisummaan asmaarii gadi bu'aa dhufeera jedhu. Manneen cidhaas yoo ta'e Moobayilli harkaa, teeppii fi Televijiinniin baadiyyaa hedduu keessa galee waan jiruuf baasii xiqqeessas jedhanii waan yaadaniif asmaarii waamuu dhisaniiru. Odeeffannoo kana kan kennan keessaa obbo Kabbadaa Simaa akkas jechuun dubbatu. Ayii yaa ilma koo barri wal hin fakkaatu. Dur nuti yoo ilma fuusifnuufi intala heerumsiifnu asmaarii waamnee turban tokko guutuu lafa nutti ho'isee nu biraa gala. Amma kunoo hojii seexanaatu biyya keessa guute. Duraan teeppiin dhufnaan namni hundi isa gangalchhee hanga baadiyyaatti sargii deemaa ture, itti fufee kunoo televijiinii fi raadiyootu dhufee hundu wal irraan fatee qofaa guundumaa adeema. Kan yeroo ammaa moo isa caalu ta'e ijoolleen utuu lafaa hin bahin moobaalilii gurratti fannifattee adeemti, kanaaf "akka baran

dhiisani akka baraatti bulu jennee waa'ee asmaarii lafa keenye...jechuun baay'ee aaranii dubbatu.

Faaruu asmaarii ilaalchisee barbaachisummaan isaa maaliif gadi bu'aa dhufe kan jedhuuf yaada addaa odeeffatame keessaa tokko babal'achuu amantaa Musiliimaa fi Pirotestaantii akka ta'e dubbatu. Asmaaronni duraan guyyaa Taabotni bahu masaanqoo isaanii qabatanii taabota gaggeessu, achumaanis namoota waamicha guddaa qaban duukaa galanii akka barbaachisummaa isaatti weeddisaa turu. Yeroo dhihoo as garuu Asmaaronni hedduunis hordoftoota amantaalee kanneenii ta'anii "Waaqa/Rabbitu faarfata malee, namni hin faarfatu" ergaa jedhu qabatanii erga dhiisani turaniiru. Isumaayyuu asmaariin yommuu taphatu farsoo tokko dhugee, fingillee irratti fudhannaan weellistoota faranjii fakkaata.

Amma namni dhugaatiis dhuguu dhiiseera. Kanaafuu, namni "ammaa asmaarii garagalee hin ilaalu." jechun ibsan.

4.4. Sadarkaa weedduun asmaarii yeroo ammaa irra jiru

Dur asmaariin ji'a tokko dura abbaan cidhaa nama asmaarummaan cidha isaa ho'isuu danda'u waammata. Isayyuu dhaamsaan eenyutu caalaa jedhamee. Manneen dhugaatiitti guyyaa gabaa haati mashataa dursitee torbanii jettee mana ishee akka turu adaraa jettiin. Asmaariin durii danddeettiin waa kalaquu isaanii cimaadha. Masaanqoo isaanii haadhaa fi ilmoo walitti buusuu jalqabnaan walaloon afaan isaanii keessaa bahu ajaa'iba. Ta'aa oollanii ta'aa yoo bulan namatti hin dhagaa'amu. Waamicha biyya fagoo yoo qabaatan ji'a tokko turanii galuu danda'u. Ijoolleen olla nama asmaarii yoo jiraatte tokko keessaa faana buuti turte. Ykn namuma tokkotu ogummicha fudhatee baha. Ilmaan asmaarii keessaas namni tokko ogummicha jaallatee osoo hin taane eebbisuufis ta'ee abaaruun qaqqabsiisu jedhamee waan yaadamuuf namni tokko abbaatti bahuun hin hafu. Dur asmaariin kabaja qaba. Namnimana baankii hojjetuufi asmaariin uffata isaatiin beekama. Asmaariin dhabeef hin faarfatu.

Akka Obbo Gazzaahenyg Bafqaaduu fi Tanaannoo Makuraa jedhanitti, yeroo dhihoo as haalli jijjiirameera. Namnis asmaarii hin waammatu. Asmaariinis lakkoofsi issanii xiqqaachaa dhufeera. Namni biraa Ogummicha baruu mitii ijoolleen asmaarotaa yeroo fudhatanii ogummicha baruu fedhii hin qaban. Sababoota faaruun asmaarii barbaadamummaan isaa gadi bu'aa adeemeef akka ibsan yommuu gaafatamanu akkas jechuun deebisan; Akka hojii gad aanaatti ilaalamuu (Asmaaroonnis of tuffachuu) faaydaan duraan argatanu xiqqaachaa dhufuu, Meeshaaleen eelekroniiksii baballachaa dhufuu, Amantaan hawaasa biratti xiyyeeffannaa argachaa deemuu, qaala'insa jireenyaa, dhiibbaan siyaasaa jiraachuu, halli yeroo (halkanis ta'e guyyaa nagaan bakkaa bakkatti socho'uuf rakkoon nageenyaa baayyeichuu faa himu.

Rakkoon kun sababoota garaa garaa ta'uu ni danda'a jedhu maanguddoonni kun. Akka sababa tokkootti kan ka'u, "Erga amantaan adda addaa babal'atee namni ogummaa asmaarii kanatti fayyadamuus ta'ee kan asmaarii tureyyuu dhiisee gara sanatti goruutu mul'ate. Waaqa/Rabbi qofatu faarfata jedhamee waan barsiifamuu eegaleef laafaa dhufeera. Silaa amantaan

walitti qabachuu hin qabu.Uummatni Oromoo faaruu asmaarii kanaan gaarii inni hin jigsin hin jiru.” jechuun dubatan.

Inni biraa ammoo akka argitan kana namni dhalatee lafaa kaanaan isa barri fide kana moobaayilii jedhanii gurra bira of qabaa yaa’a.Isa duras namni baay’een kaassettii dhaan dhaggeeffachuu malee qaamaan asmaarii argee dhaggeeffachuu erga dhiisee tureera.Keessattuu waggaa digdamaa as haalli keenya gaarii miti.Aadaan keenya bakka bakkatti hedduu laafaa dhufe.Namni hedduun ammo televiziyoona keessaa warra sirbu caalchifata.

Faaruu asmaarii kan duraanii irra baay’ee gadi bu;aa adeemuu isaatiif sababni inni biroon yeroo durii haalli gabaa/qaala’insi jireenyaa akkas hin turre.Namni waanuma xiqqoo qabu waliif hiree afaanii fuudhee afaan wal kaa’a.Fingillee buxullee tokko qarshii tokkoo fi alaadaan yoo bitate nama sadii ta’anii hin maddisan.Qarshiinis akka har’aa lafatti hin hafne.Namni waa waliif hin qusatu.Dhalootni ammaa baay’ee of jaallata.Qarshii baasee namaaf kennuun akka waan foon isaa muree kennuuti.Faayidaa namni isaaf qabu hin argu

Gama biraatiin dur firaafi orma jechuun hin jiru.Bineensi illee asmaarii beeka.Halkan sa’aa torba booda karaa fagoo deemnee yoo gallu waraabessi karaa irraa goree nu dabarsa.Amma garuu dhalootni jiru bineensa namatti ta’eera.Namni nagaan bahee yeroo fedhetti mana isaaatti galuuf abdiin hin qabu.Kanaafuu,yoo asmaarummaan namatti hafe wayya jedheen dhiise jedhan.

Ibsa armaan olitti kenname irraa kan hubachuun dandaa’amu, Sababa Ogummaan asmaarummaa itti fufuu hin dandeenyeef inni ijoo jedhamee ka’e; babal’inna amantaa adda addaa,qaala’insa jireenyaa,babal’ina teekinooloojii,hammaachaa dhufuu aadaa alaagaltee fi dhukkubni qoricha hin qabne addunyaa irratti babal’achuun akka sababaatti fudhatameera. Gama hawaasummaatiin yoo ilaalamu faaruun asmaarii tokkummaa uummataa cimsuu keessatti,namni barnootatti akka jabaatu hubannaa fi xiiqii itti horuu keessatti gahee bakka bu’iinsa hin qabne taphatu.

Bu’aa siyaasaa faaruun asmaarii hawaasaaf argamsiisu yommuu kaasan.hoggansa biyya bulchu uummata isaa karaa dimookiraatawaa ta’een akka biyya bulchu karaa sookoo fi soorgoo qabuun itti himu.Haala bulchiinsa mootummaa irratti yaada uummataa karaa fincila kaasuu danda’uu fi hin dandeenyeen ibsuu itti beeku. Keessattuu bara Weerara xaaliyaaniis ta’ee yommuu daangaan biyyaa sarbamu walaloo onnee namaa kakaasu dhiyeessuun namni umuriin isaa daangaan biyyaa eeguuf gahe hundi biyya isaatiif aarsaa akka of godhu hojii boonsaa hojjetu.Hacuuccaa mootiin uummata irraan gahaa jirus akka ofirraa qolataniif tooftaa adda addaa karaa agarsiisu.

Haala yeroo ammaa ilaalamaa jiruun ogummaa asmaarummaa bakka turetti deebisuun yeroo dheeraa fudhachuu danda’a.Garuu akka hin badne gochuuf dhaabbileen miti-mootummaa dhimma aadaa irratti hojjetan,Waajjirri Aadaa fi Tuuriizimii sadarkaan jiru,Waajjirri Koomunikeeshiinii mootummaa,miidiyaaleen mootummaa fi hawaasaa garaagaraa irratti hojjechuu qabu.Kana gochuuf dursanii bakka asmaaronni jiran adda baasuun,tooftaa adda addaa fayyadamanii uummataaf hojii asmaarii beeksisuun hojii dhamaatii cimaa gaafatuudha.Irra caalaatti ammo faaruun asmaarii hordoftoota amantii adda addaa irratti

miidhaa karaa kamiinuu fiduu akka hin dandeenye hubannoo bal'aa qabatamaa ta'e kennuu gaafata. Dabalataan faaruun asmaarii kun orijinaalli isaa teekinooloojii ammayyaatiin akka deggaramuuf dhaabbileen aartii/muuziqaa Oromoo irratti hojjetan gahee guddaa qabu. Asmaarummaan ogummaa uumee/kalaqa uummatni tokko ittiin ergaa isaa dabarfatu akka ta'e hubachuu fi hubachiisuun akka turuu danda'u irratti hojjechuun dirqama ta'a.

Manneen barnootaa keessatti akkuma aartii gahee olaanaa qabuutti ilaalamee sadarkaa gadiitii hanga sadarkaa olaanaatti daa'imman yoo baratan caalaatti karaa salphaa ta'een afaan, aadaa, dudhaa fi seenaa uummata Oromoo dhaloota barsiisuun ni dandaa'ama.

Namootni Ogummaa asmaarummaa qaban mataan isaanii hanga boodatti deebi'an irra deebi'anii ilaaluun caalmaatti dhimmanii ogummaan kun akka itti fufu gahee olaanaa taphachuu qabu. Ilaalchi isaan ogummichaaf qaban sirraa'uu qaba. Ilaalcha uummatni ykn dhalootni yeroo ammaa asmaariif qabu jijjiiruun Ogummaa isaan qabanitti fayyadamuun ni dandaa'ama. Sagantaa eebbaa, ardaa jilaa, misoomaa fi araaraa irratti afeeruun hojjechuu ni danda'u.

Faaruu asmaarii tursiisuuf gaheen maanguddootaa fi hawaasa Oromoo maal akka ta'e gaafatamanii yaada kanatti fufee jiru kennaniiru. Maanguddoonni Oromoo yeroo ammaa umuriin jiran ilaalcha siyaasaa fedhe haa qabaatanii, amantii fedhan haa hordofanii gahee faaruun asmaarii afaan Oromoo dagaagsuu keessatti ,hiyyeessi hiyyummaa ciiga'ee hojii hojjechuu akka qabu jajjabeessuu keessatti akkasumas tokkummaan humna qabsoo Oromoo fi guddina dinagdee keessatti gahee olaanaa akka qabu hubachuun asmaarii fi uummata akkuma durii isaaniitti walitti fidanii konsertii adda addaa uumuun irratti hojjechuu danda'u. Kun ammo baasii guddaa waan barbaadu miti. Naannoo fi ganda keessa jiraatan keessatti gochuu waan dandaa'aniidha.

Hawaasni Oromoo yeroo ammaa jiru ilaalcha siyaasaa fi amantaa mataa mataa isaa akka qabu ni beekama. Haa ta'u malee Faaruun asmaarii amantaa kam irratti dhiibbaa akka hin geessifne hubannoo bal'aa argachuu qabu. Amantaan garaa garaa isaan hordofan aadaa isaanii qabataniin amanuu akka danda'an waan hin barsiifneef duuchaatti aadaa ofii irratti dhiibbaa akka fidee jiru hubannoo gahaa hin qabani. Kanaaffuu, carraa argameen bakka dabootti, misooma biyyaatti, cidha gabaabaa irratti akkasumas waltajjii marii adda addaa irratti namoota ogummaa asmaarummaa qaban afeeruun faaruun kun akka hin dagatamne gahee isaanii bahachuu qabu. "Horii abbaan gaafa cabse Ormi ija jaamsa" jedha Oromoon. Faaruu asmaarii kana tursiisuuf tokko tokkoon nama oromoo ta'ee irraa eegama. Altokko tokko nuti aadaa keenya dagannee kan ormaa fudhachuutti ariifanna. Haa ta'u malee namni Waaqni ija isaa bane Faaruu kana sagalee isaa waliin barreessee, waraabee yoo ol kaa'e bar tokko dhalootni dhufu lafaa fuuchuu danda'a. Keessattuu qaamoleen dhimma aadaa guddisuu irratti bobbaa'anii jiran hojii isaanii isa ijoo godhachuu qabu. jedhan.

Asmaariin biro odeefhimtoota keessaa obbo Kabbadaa Abbaa Fiixaa jedhamu. Gaafa 10/8/2013 Umuriin isaanii 64, aanaa Diiduu ganda Laaloo jiratu. Waggaa 30 (soddoma) asmaarummaan akka jiraatan dubbatu. Yaadni isaanii kan armaan dura ka'een garaagarummaa hin qabaatin malee asmaarummaan ogummaa Waaqni isaaniif kenne ta'uu kaasanii Faaruu

asmaarii keessaa muraasa akka weeddisani fi walaloo isaa eenyu irraa akka baratan gaafatamanii, akka jechuun deebiusan

Yommuun Gordommoo turee

Dambanyaa asmaariin turee

Billaa dheddheeraa dabe

jaarsa gosiitti caalaa

Akaayii gurguratu, biyyi

Maccaa abbaa magaal

Gubbaa taagataatu caala

Dhugaa waaq dhugaa rabbii,

Wayyaa dhedheeraa uffachuu

Warra gordommootu caalaa

Goda Faaroo Abbaa Nuuraa,

Ilma Kaliifaa Tufaa

Garaa kadiijaa Birruu

Dachaa Addisuu Abbaa Abarraa,

Korma Diboo Abbaa Maccaa

Garaa Muluu Abbaa Bakkee

Tasa hin gatu waaqni kee,

biyyanaan kaadha malee,

Goda Taaffasaa Giraany

Mar'ataan guyyaa siiqsaa

Albaasaa Giraany Wiinsaa

Gordammoonii Taagataan maqaa iddooti. Abbaa ebaluu jechuun moggaasa namoota iddoo sana jiraatanu ittiin wal waamanu yammuu ta'u, 'garaa ebaluu' kan jedhanu immoo harmee /haadha ibsuuf. Namootni maqaan isaanii walaloo kanaa olii keessatti ka'e Gootummaanis ta'ee Qabeenyaa qabaatanii asmaariif kennuudhaan beekamoo akka ta'an ta'uu ibsan. Walaloon kun yommuu masaanqoo haadhaa fi ilmoo waliin riguun weellisuu jalqaban walaloon isaa tarreedhaan akka sammuu isaaniitti dhufu himan.

Alan Gordommo turee,

mataa maqasiin mureen
Dambanyaa Asmaariin ture
Gullisoon lafaa gadii,
gulloo bineensaa gadii
Niitiin jirbii hin fo'anne
Dhirsii niitii hin mo'anne
Kunisoo namaa gadii.

Uummata Oromoo biratti dubartootni yommuu heerumanii gaa'ela dhaabbatan irra caalaa jirbii fo'uun uffata aadaa Oromoo kan ittin hojjetamu bullukkoo, qomee fi bolaalee akka hojjetamu abbootii manaa isaaniif haala mijeessuun mana isaanii gaggeeffatu. Dubartiin kana hojjechuu hin dandeenye namaa gadi akka taatetti weedduun itti hiimani, kanneen biro kan irraa baratani akka jajjaabatan gorsu.

Akkuma sabaafi sablammoota biro kamiyyuu uummata Oromoo biratti abbaan warraa yeroo hunda gahee abbaa manummaa isaa akka taphatu barbaadama. Kan abbumaan manicha hogganus abbaa ta'uun amanama. Abbaan manaa niitii (haadha warraa) isaatiin mo'amu, kan hin gorfanne, kan hin adabanne yoo jiraate weelluu asmaarii kanaan akka of-sirreessu ibsa.

Rabbi waa baay'ee uumee
Somba saree dhaaf uumee
Soba gadheedhaaf uumee
Nu duwwaa baata jechuun
Amala fardeenitii
Nu duwwaatu caala jechuun
Amala nadheenitii

Akka walao armaan olii irra hubachuundandaa'amutti uummata Oromo birati sobni haraama akka ta'e namni sobu Waaqa birattis nama birattis ulfina akka hin qabne karaa weelluu isaaniin akka barsiisan hubachuun ni dandaa'ama.

Isan daakee bixxilee
Yooman taa'ee sitti himee
Agaagulii qotiyoo
Kan mataa deebii hin beekne
Agaagulii dubartii

Kan nyaara dhirsaa hin beekne

Agaagulii abbaa warraa

Kan daara niitii hin beekne.

jechuun akka weedisanii fi Gordommoo fi Taagataa gidduu bifa walalootiin miira wal dorgommii uumuun namni qarshii akka kennuuf taasisu. Akka ibsa isaanii irra`a hubachuun dandaa'amutti uummata Oromoo keessatti qomoo Ogummaa adda addaa qabu, kan qotee gabaa quubsuufi kan daldalee dinagdee horatu walbira qabuun akka faarsan, kunis ammo dandeetti kalaqa guddaa akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama. Namni gaa'ela hundeessee haadha warraa isaa uffisuu hin dandeenye, qotiyyoon qottee deebi'uu hin beeknee fi haati warraa nyaara abbaa warraa ishee hin beekne tko ta'uu ibsa. Uummata naannoo biratti yoo keessumman dhufe keessummaa simachuuf abbaan warraa dirqama haadha warraa isaa waamee buna danfisi, nyaata qopheessi jechuu hin qabu. Sababiin isaa yoo namni ija qofaan wal beekan dhufe, abbaan warra ija qaqqabata keessummeessuuf hedduu itti hin dhiphatan. Yoo namni garaa dhufe garaa isaa qaqqabachuun wanti nyaatamuufi kan dhugamu akka gaariitti akka qophaa'u hubachiisa.

“Akaayii gurguratu gubbaa Taagataa caalaa” Taagataan Gandoota Aanaa Aalleetti argaman keessaa tokko taatee namootni gandicha keessa jiraatan hojii daldalaatiin jiraatan faarsuu isaaniiti. “Wayyaa dhedheeraa uffachuu warra Gosiitti caalaa” jechuun kan faarsan uummata Oromoo naannoo Ganda Gosii jiraatan Ogummaa uffata dhawuu/hojjechuu waan qabanif ogummaa isaan rabbi biraa argataniin faarsuun garaa laaffifachuu akka ta'e hubachuun ni dandaa'ama

Qoti qotii yaa badhaasaa

Gabaree maaltu fakkaataa

Yoo buddeen nyaatan malee

Yoo bishhan dhugan malle

Aduun namaa hin barrtuu

Yoo bariites hin dhiituu.

Yaa gabaree maalan balleessee

jette bareen qotiyyoonii

Kaatee qooqsaan naqabnaanii

Goodaa caffetti an kufnaanii

Billaa baattee natti kaatee

Dabtarii kee natti baattee

Iskiriipoo natti raaftee

Qooda billaa natti raafuu
Hordaadhaan ol nan kaafuu
Shifaa tumtee afaan nah in keessuu,
Isa fuutee nan wallaantuu?

Ergaa walaloo armaan olii irraa hubachuun akka dandaa'amu uummata Oromoo biratti, lafti safuudha, margi safuudha, maddi/malkaan safuudha, haati fi abbaan safuudha. Keessattuu hameessi/loon elmamtuu fi qotiyyoon waanjoo baattee qottu akka fooniitti hin fayyaddu. Oromoon horii qalmaa qofaatti qopheessuu isaa mirkaneessa. Kanaafuu, bifa walalootiin dhalootni yeroo kana jiru safuu fi dudhaa uummata Oromoo eegge horii qalmaa fi horsiisaaf qopheeffatu qofa qofaatti horsiisuu akka qabu barsiisu.

Faaruu asmaarii yommuu weellifamu, afaan ittiin taphatamu Sana jechoota, sagalee, sookoo fi soorgoo itti make bifa walalootiin sagalee masaanqootiin bareechee waan dhiyeessuuf danddeettii afaanii fooyyessuu keessatti gahee ol'aanaa taphata.

Maseena hoolaa keenyaa
kuffifnee qaluuf jirraa
Gufuttii balbala keenyaa
buqqifnee gatuuf jirraa

Akka walaloo armaan olii irraa hubachuun dandaa'amutti asmaaroonni walaloo sagalee masaanqooti fayyadamuun afoola barsiisu. Gosoota afoolaa keessaa sookoo fi soorgoon armaan olii ragaadha. Jecha dacha qabu bifa walalootiin uummata barsiisu. 'Gufuttii balbala keenyaa' yommuu jedhu gufuu mukaa balbala irratti jiru, kan yeroo hundumaa bahaa fi galatti nama rukutu yoo ta'u, dubbiin sokaa ammo hamtuu/diina keenya kan jedhudha.

Gaaffiiwan walfakkaataa asmaarotaa fi maanguddoota asmaarii jaallatanii ka'e irra deebiin odeefhimtootaa marii garee irratti hirmaataniif ka'ee yaadni isaanii akka armaan gadiitti cuunfameera. Asmaarii fi Faaruu asmaarii yommuu ibsan yaadannoo isaanii waggoota digdama duraa kaasu. Asmaariin eebba ergamaa Waaqaa qaba jedhu maatiin keenya. Shammaanee/nama uffata dhawu tokkodu ture. Ergamaan waaqaa bullukkoo bitachuu deemnaan, qubeelaa warqii harka ergamaa sanaatti jiru ittii fudhatee bullukkoo kenneef jedhama. Ergamichi yeroo dheeraadhaaf qubeelaa isaa akka deebisuuf namicha uffata dhawu kana gaafannaan jaallatte naaf kennite waan ta'eef hin kennu jedheen. Ergamichi utuu rakkachaa jiruu asmaariin wal arge. yaa ergamaa Waaqaa maal taatanii dallantanii/mufattanii jedhee gaafate. Ergamichis namicha uffata dhawu tokkodu bullukkoo irraa bitachuu deemnaan qarshii dhiisee qubeelaa ani baay'ee jaalladhu quba kootii baafatee, naaf deebisi jennaan na dide jedheen.

BOQONNAA SHAN:CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO.

5.1. Cuunfaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyeefi raawwii weedduu smaarii Aanaa Aallee fi Aanaa Diiduu xinxaluudha. Qorannoo kana geggeessuuf dhimma itti bahe mala qulqulleeffataadha. Meeshaalee funaansa ragaaf itti fayyadame Af-gaaffii, daawwannaafi marii gareeti. Boqonnaa araffaa keessatti immoo qabiyyeewwan faaruu asmaarii karaa af-gaaffii, marii gareefi daawwannaadhaan argate qaacceessamee dhihaate.

Akka ragaa manguddootaafi asmaarotaa irraa argame ibsutti Weedduun asmaarii namootni muraasni masanqoo fayyadamaa sagalee isaaniifi kan masanqoo walsimsiisuun kan weellisamuu yookaan faarsamu dha. Gosa wedduu aadaa ti. Asmaaroonnii yookaan namoonni ogummaa akkanaa qabanu bakka namni hedduun wal gaheetti argamuudhaan namoota Sana maqaadhaan faarsanii galii ittiin jiraatanuufi badhaasa garagaraa argatanudha.

Weedduun Asmaarii uummata Oromoo biratti bakka guddaa qaba. Weedduun kun Waaqa Uumaa itti galateffachuuf, dacheefi beelada farsuuf, mana cidhaa, guyyaa gabaa manneen dhugaatii keessatti, gammachuu ofii ibsachuuf, hiriya ofii faarsuuf, duulatti nama kakaasuuf jaalala waliif qabanfi kan namootni waliif qaban ibsachuu, kabaja dhirsaa fi niitiin waliif qabanu ibsuufi dhimmoota kana fakkaatanuf akka oolu odeeffannoo odeefhimtootaafi qorannoo Zalaalam Abarraa irraa hubatameera.

Kanaaf faaruu asmaarii dagatamuu irraa oolchuuf immoo beektotni Oromoo fi qaamni dhimmi ilaallatu hunduu qo'annoo fi qorannoo irratti geggeessuun karaa midiyaa fi barruulee garaa garaatiin beeksisuun hubannoo ,fedhii fi miira jaalala hawaasaa keessatti akka uumamu gochuu akkasumas Asmaarota Oromiyaa keessa jiran jajjabeessuun hojii kalaqaa isaanitiin bu'aa (faayidaa)akka argatan taasifame, bifa barreeffamaatiin qindaa'ee badisarraa hambisuun ni danda'ama.Faaruu asmaarii bakka namoonni dhimma garaa garaatiif walga'an ,mana cidhaa,jigii ykn daboo,sirnoota xixiqqaa hanga gurguddaatti jiranitti kan farfatamu yemmuu ta'u walaloon isaa yoomessa murtaa'aa irratti xiyyeeffatee kan weeddifamudha. Haalumakanaan kaayyoo qorannoon kun gaggeeffameef galmaan gahuuf gaaffiiwwankan akka Faaruun asmaarii maalii? Afaan Oromootiin namni asmaarummaa jalqabe ni beekamaa?

Faaruu asmaarii eenyutu faarfataa? Asmaaronni Qomoo adda bahe qabuu? Faaruun asmaarii akkamitti, maaliin faarfataamaa? Faaruun asmaarii yoomiifi eessatti faarfataamaa, qabiyyeen faaruun asmaarii of keessaa qabu maal fa'ii? Faaru kana fakkeenyaaf keessaa nu dhageessisaa? Namootni asmaarummaa jiraatan lakkoofsaan dabalaa moo xiqqaachaa adeemanii? Asmaaronni warri ogummaa faaru qaban kun faayidaa maalii argatuu? hawaasni hoo maal irraa fayyadamaa? Asmaarota durii fi ammaa gidduu garaagarummaa maaliitu jiraa? Faaru kana tursiisuuf gaheen asmaarotaa maalii? Kan maanguddootaa hoo? Qaamni biro yoo jiraate ibsaa. masaanqoon maal maal irraa hojjetamaa? Eenyutu hojjetaa? Gost rukuttaa masaanqoo meeqatu jiraa? Maal maal fa'ii? Kanneen jedhan af-gaafii fi marii gareetiin odeeffannoon sassaabameera. Odeeffannoon sassaabame haala gaariin qoratamee kaayyoo qorannichaatiif deebii akka ta'utti jijjiirama inni fidee, faayidaa dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa ogummaan kun hawaasa Oromoo biratti qabu qaaceessameera. inxala godhameenis bu'aawwan argaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

5.2 Argannoo

- Weedduun asmaarii, meeshaa muuziiqaa aadaa *Masanqoo* jedhamuun qindeessamee akka nama hawwatuutti kan eergaa itti dabarfatanu ta'uu;
- Dhimmoota hawaasummaa, dinagdee fi siyaasaa kan of keessatti qabateejiru ta'uu;
- Raawwiin weedduu asmaarii weedduulee biro irraa akkaataa itti dhiyaatuun, hawaasa biratti iddoo itti keennamuun, dandeettii nama dhiihessuu qabuun adda ta'uusaa;
- Tajaajilli weedduun asmaarii hawaasaaf qabu hedduu ta'uusaa; fakkeenyaaf bohaarsuu, gadda irraanfachisuu, quqqaa jiruu ibsachuu, goota faarsuu, hiyyummaa balaaleeffachuu, tokkummaa cimsuu, araara/nagaa buusuufi kan kana fakkaatanuf ooluusaa;
- Faaruun asmaarii afaan Oromoon yoomii fieenyuun akka jalqabe sirriitti kan hin beekamne ta'uu; garuu Uummata Oromoo biratti yeroo dheeraa kan ture ta'uu;
- Eebbisee fi abaaree qaqqabsiisa jedhamee waan amanamuuf akkasumas akka ergamaa waaqaatti waan ilaalamuuf kan safeeffatamu ta'uusaa,

- Yeroo ammaa kana weedduun asmaarii kan dagatamaa dhufe ta'uu; Kunis kan ta'uu danda'e, babal'ina teekinooloojii, babal'ina amantaa, qaala'insa jireenyaafi hammayyummaa dhaloota ammaatiin kan ka'een ta'unsaa adda baheera.

5.3 Yaboo

Weedduun asmaarii qabiyyee hedduu kan faayidaa hedduu of keessaa qabuufi raawwiin isaa hawwataa ta'e kun sababoota garaagaraatiin kan laafaa dhufe waan ta'ef, dhimma xiyyeeffanaa barbaadudha. Kanaaf:

1. Weedduun asmaarii akka hin banneef qo'annoo fi qorannoon baldhinaan osoo irratti geggeeffame beekumsa gama kanaan jiru babal'isuu danda'ama. Hayyoonnifi qorattootni hambaa seenaa Oromoo qo'annoofi qorannoo geggeessuun barreeffamaan kaa'anii dhalootaaf akka darbu osoo taasisan gaarii ta'a.
2. Hubannoo fi fedhii hawaasaa dabaluu fi miidiyaaleen garaagaraa irratti xiyyeeffatanii osoo hojjettani deebi'ee cimuu danda'a. Kun immoo akka daran beekamuuf karaa saqa. Beekamtiin kanaan dhufu immoo gara magaalaaleefi biyya alaatti babal'atee madda galii ta'uun carraa hojii huuma.
3. Qabiyyeen weedduu asmaarii dandeettiwwan afaanii gabbisuufi aadaa hawaasichaa sirriitti hubachuu keessatti gahee olaanaa qaba. Waan kana ta'ef Afaan Oromoofi barnoota Gadaa keessatti osoo hammatamee, faayidaafi bu'aan inni qabu ifatti bahee mul'achuu danda'a.

Gabatee odeeffannoo waa'ee odeefhimtootaa/Asmaarootaa ibsu

T/L	Maqaa Guutuu	koorniyaa	umurii	Aanaa	Ganda	Gahee hojii	Ibsa
1	Tanaanoo Makuraa Bungulaa	Dhi	62	Aallee	Kacii	Asmaarii kan turan	
2	Fiqaaduu Raaboo Firrissaa	Dhi	56	Diiduu	Gordommoo	Asmaarii	
3	Kabbadaa abbaa Fiixaa	Dhi	64	Diiduu	Laaloo	Asmaarii kan tuan	
4	Taadiyoos Wandimmuu	Dhi	32	Aallee	Goree	>>	



Fakkii Masiinqoofi Asmaarotaa



Af-

gaaffii qorataafi Obbo Tanaanoo Af-gaaffii qorataafi obboTaadiyoos

Maanguddoota waa'ee weedduu asmaarii odeeffannoo laatan

T/L	Maqaa Guutuu	Koormiya	umurii	Aanaa	Ganda	Gahee hojii	Ibsa
1	Kaliifaa Jibriil Galataa	Dhi	70	Ddiiduu	laaloo	Dadala	
2	Uumaa Dhaabaa Jaarsoo	Dhi	60	Diiduu	laaloo	Q/Bulaa	
3	Abaadir Faaris Aliyyii	Dhi	56	Diiduu	Laaloo	Q/Bulaa	
4	Caalii Abdiisaa Naga'oo	Dhi	58	Diiduu	Gordommo	Jiraataa magaalaa	
5	Firrisaa Buushan Fiixee	Dhi	54	Aallee	Ongaa	Q/bulaa	
6	Kabbadaa Simaa Amantee	Dhi	61	Aallee	Ongaa	Q/bulaa	
7	Xilaahun Shuuramuu Eebbaa	Dhi	59	Aalle	Goree	Jiraataa Magaalaa	

8	Taammiruu Yaadaa Quubsaa	Dhi	60	Aallee	Goree	Daldalaa	
9	Maammittee Fayyisaa	Dub	88	Aallee	Ongaa	Daldaltuu	
10	Caaltuu Abdiisaa Dureessoo	Dub	55	Aallee	Goree	Haadha warraa	
11	Birqee Abbimaa Awwaajii	Dub	54	Aallee	Goree	“”	
12	Birqee Abbimaa Awwaajii	Dub	54	Aallee	Goree	“”	



Suuraa namoota yammuu daawwannaafi marii odeeffannoo keennan agarsiisu

WABIILEE

Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee, Oromiyaa Asaffaa Tafarraa, (2009) Eelaa, Seena Ogummaa Oromoo. Finfinnee Printing by Este Trading Press.

Bukenya A. (1994). Understanding Oral Literature, Nairobi Nairobi University Press.

Cress Well J.W. (2011) 4th Edition Educational Research Planning, Conducting and Quantitative and Qualitative Research.

Dundes A. (1965) The Study of Folklore, Berkley: Prentice Hall Inc.

Dr. RA. Sharma (2000) Fundamentals of Educational Research Introductory Publishing House.

Dundes, Alan. (1979) Meta Folklore and Oral Literary Criticism. Readings in American Folklores

Dorson, M. R. (1972). Folklore and Folklife: An Introduction. Chicago University of Chicago

Dornyei, Z. (2007). Research Method in Applied Linguistics. Quantitative, qualitative and mixed Methodologies .Oxford . Oxford University press.

Fedhasaa. Taaddasaa (2013). Subii: Bu"uuraalee Ogbarruu Oromoo. Finfinnee:-Dhaabbata maxxansaa Subi Printing Press.

Filee Jaallata (2019) Malleen Qorannoo. Finfinnee: Oromia.

George (1995) Folkloristic: An introduction Bloomington and Indianapolis: Indiana University.

Lataa Raggaasa (/2012) Mojula Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1 Iffaa Seemisteera

Lammaffaaf Qophaa "E. Biiroo Barnoota Oromiyaa. Adaamaa

Melakneh Mengistu. (1999). Fundamentals of Literature. Addis Ababa: Biranna Printing Press

Misgaanuu Gulummaa (2013) Dilbii: Bu"uura Afoola, Ogafaanii Afwalloo Oromoo. Finfinnee.

አስቴር ሙሉ (2007) ተከታታይና ለውጥ በውሎ አዝማሪ ዎች የኑሮና የዘፈን ገልጾቹ. አዲስ አበባ

DABALEE A

Yuuniversiitii Jimmaa Faakaaltii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaatti Muummee Afaan Oromoo Fi Og-Barruutti Gosa Barnootaa Afaan Oromootiin Digrii lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e irratti hojjechuuf gaaffiilee matadurichaan walqabatan, gaafii marii gareef ta'uu fi yeroo daawwannaa wantoota daawwatamuu qaban irratti qophaa'e.

Af-gaaffii manguddootaa/namoota Asmaarummaa jaallataniif dhiyaatan

Duraan dursee Af-gaaffiin isiniif qopheesse Kun qorannoo waraqaa eebba ittiin guutinsa digirii lammaffaa koof qofaa Kan tajaajilu ta'uu isaa isiniif ibsaa gaaffiin kunis dhimma weedduu ykn faaruu Asmaarii irratti Kan xiyyeeffatu ta'ee deebii naaf kennuuf yeroo boqonnaa keessanii aarsaa naaf gochuu keessaniif baay'een isin galateeffadha. yommuu deebii naaf kennitan kana fedhii keessaniin ala viidiyoo waraabamu kana dabarsee qaama biraatti akkan hin hin agarsiifne waadaan isiniif gala.

1.Odeeffannoo dhuunfaa

Maqaa_____saala_____umurii_____

—

Gahee _____hojii_____Sadarkaa
barnootaa_____haala

gaa'elaa. Kan fuudhe _____kan

diige_____

II odeffannoo qorannichaa

1.FaaruuAsmaariimaalii?

2.Afaan Oromootiin namni Azmaarummaa jalqabe ni beekamaa?

3.FaaruuAsmaarii eenyutu faarfataa?

1. Qomoo adda bahe beekamu qabaa?_____

5.Faaruuun Asmaarii akkamitti, maaliin faarfataamaa?_____

6.Faaruuun Asmaarii yoomii fi eessatti faarfataamaa? Maaliif isinitti fakkaataa?_____

7. Qabiyyeen (dhaamsi) faaruun Asmaarii of keessaa qabu maalii? Fakkeenya yoo yaaddatan ibsaa._____

8. Faaruu Asmaarii yeroo durii kan ammaan yoo wal bira qabamee ilaalamu kan yeroo ammaa haala akkamiirra jira jettanii yaaddu. Garaagarummaan yoo jiraate maaltu fide jettuu akka keessanitti?_____

9. Namootni asmaarummaan jiraatanu lakkoofsaan dabalaa moo xiqqaachaa dhufanii? Yoo dabalaniis yoo xiqqaatanis sababa isaa waan jettan qabduu?_____

10. Asmaaronni warri ogummaa faaruu qaban Kun faayidaan addaa isaan argatan jiraa? Jira yoo ta'e maalii?Hawaasa hoo maal fayyadaa?_____

11. Asmaarota durii fi Kan ammaa gidduu jijjiiramni jiru jiraa? Jijjiiramni jirummoo maalii?_____

12. Faaruu Asmaarii kana akkuma jirutti tursuun dhalootatti dabarsuun ni danda'amaa? Eeyyee yoo ta'e akkamittii?_____

13. Faaruu kana tursuuf gaheen manguddootaa fi hawaasa Oromoo maalii?_____

14. Qaamni biro faaruu kana tursuuf isini itti dabaltan jiraa?_____

DABALEE B

Yuuniversiitii Jimmaa Faakaaltii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaatti Muummee Afaan Oromoo Fi Og-Barruutti Gosa Barnootaa Afaan Oromootiin Digrii lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e irratti hojjechuuf gaaffiilee matadurichaan walqabatan,gaaffii marii gareef ta'uu fi yeroo daawwannaa wantoota daawwatamuu qaban irratti qophaa'e

Af-gaaffii Asmaarotaaf qophaa'e.

Duraan dursee Af-gaaffiin isiniif qopheesse Kun qorannoo waraqaa eebba ittiin guutinsa digrii lammaffaa koof qofaa Kan tajaajilu ta'uu isaa isiniif ibsaa gaaffiin kunis dhimma weedduu ykn faaruu Asmaarii irratti Kan xiyyeeffatu ta'ee deebii naaf kennuuf yeroo boqonnaa keessanii aarsaa naaf gochuu keessaniif baay'een isin galateeffadha. yommuu deebii naaf kennitan kana fedhii keessaniin ala viidiyoo waraabamu kana dabarsee qaama biraatti akkan hin hin agarsiifne waadaan isiniif gala.

Af-gaaffii Asmaarotaaf dhiyaatan

I odeeffannoo dhuunfaa

Maqaa_____saala_____

umurii_____sadarkaa

Barnootaa_____ Gahee hojii_____haala gaa'elaa. kan fuudhe_____kan diige_____

II odeeffannoo qorannichaa

1. Faaruun _____ Asmaarii
maalii?_____

2. Faaruun Asmaarii akkamitti maalini
sfaarfataamaa? _____

3. Faaruu kana akkamii fi bakka akkamitti
weeddiftuu? yoomessa _____

4. Bakka itti weeddiftan kana maaliif
filattanii? _____

5. Maal maal faa jechuun
weeddiftuu? _____

6. Walaloo fi maqaa namaa eessaa
argattuu? _____

7. Faaruu kana eenyurraa bartan? Akkamittis faaruu kana fedhii isaa
horattan? _____

8. Simannaan hawaasaa maal fakkaataa? Kabaja isiniif
qabaa? _____

9. Faaruun Asmaarii kun kan duriirra cimaa dhufemoo laafaa dhufee? Maaliif? yoo
laafaa dhufe ta'e immoo sababni isaa

maalii? _____

10. Akka cimee dhaloota dhalootatti darbuuf immoo maaltu ta'uu qaba jettu? _____

11. Faayidaan isaan argattan jiraa? Eeyyee yoo ta'e eenyurraa? akkamittis immoo argattuu? _____

12. Faaruu kana cimsuu keessatti gaheen keessan hoo maalii? _____

13. Faaruu kana itti fufsiisuuf maal hojjechaa jirtuu? _____

14. Haalli rukutaa Masaanqoo/sagalee dhageessisuu gosa meeqatu jira jettanii yaadduu? Gosti rukutaa masaanqoo maqaa qabaa? Yoo qabaate maal maal fa'ii? _____

15. Masaanqoon Maal faa irraa hojjetamaa? Eenyyutu hojjetaa? _____

DABALEE C

Yuuniversiitii Jimmaa Faakaaltii Saayinsii Hawaasaa Fi Namoomaatti Muummee Afaan Oromoo Fi Og-Barruutti Gosa Barnootaa Afaan Oromootiin Digrii lammaffaa Guuttachuuf Qophaa'e irratti hojjechuuf gaaffiilee matadurichaan walqabatan, gaafii marii gareef ta'uu fi yeroo daawwannaa wantoota daawwatamuu qaban irratti qophaa'e.

Duraan dursee Af-gaaffiin isiniif qopheesse Kun qorannoo waraqaa eebba ittiin guutinsa digrii lammaffaa koof qofaa Kan tajaajilu ta'uu isaa isiniif ibsaa gaaffiin kunis dhimma weedduu ykn faaruu Asmaarii irratti Kan xiyyeeffatu ta'ee deebii naaf kennuuf yeroo boqonnaa keessanii aarsaa naaf gochuu keessaniif baay'een isin galateeffadha. yommuu deebii naaf kennitan kana fedhii keessaniin ala viidiyoo waraabamu kana dabarsee qaama biraatti akkan hin hin agarsiifne waadaan isiniif gala.

Gaaffiiwwan yeroo daawwannaa gaafatamuu qaban

1. Asmaarummaan afaan Oromootiin yoom eegalee?
2. Faaruun asmaarii maalii? Maaliin faarfataamaa?
3. Faayidaan asmaarummaan hawaasaaf qabu maalii?
4. Garaagarummaan asmaarii durii fi kan ammaa gidduu jiru maalii? Lakkoofsi asmaarotaa dabalaa moo xiqqaachaa dhufee?
5. Faaruu asmaarii kana tursiisuuf gaheen asmaarotaas ta'ee kan maanguddootaa maal maal fa'ii?
6. Masaanqoon maal maal irraa hojjetamaa?